
Jedhi Malee: Barnoota Jireenyi Na Barsiiste

Guutuu Amsaaluu

2018 G.C



Screw It Let’s Do It: Lessons In Life

Riichaard Braansan

2006 G.C

Iccitii Biiliyeenara Kanaa Baradhu

Jireenya koo keessatti karaa hundaan milkaa'aa ta'uuf yaaleera: Akka biiznasmaanii tokkootti, akka adveencharariitti, akka barreessaatti, akka abbaa manaa fi abbaa ijoolleetti. Yeroon milkaa'inaaf carraaqaa ture jireenyi waan baayyee na baarsiifteetti. Fakkeenyaaf:

- Ofiikeetti amani
- Hundinuu akka danda'amu amani
- Jireenyi kee karaa hundaan guutuu haa ta'u
- Abdii hin kutatin

Kanneen armaan olii fi kan biroos barattee lafa yaadde ga'uuf akka ati dadammaqxun hawwa. Namoonni yeroo baayyee akka ati hin milkoofneef "yaanni hun hojjetamuu hin danda'u" jedhanii mogolee si buusuu ni yaalu. Ofitti amannaan garuu lafa yaadde sababii ati hin geenyeef hin jiru.

Baafata

Galma……2

1. Callisii Godhi……5
2. Gammadaa Ta’I……13
3. Hin Sodaatin……23
4. Chaaleenjii Of Godhi……31
5. Of Danda’aa Ta’i……38
6. Yeroo Ammaaf Jiraadhu……42
7. Maatii fI hiriyoota keef Iddoo Guddaa Laadhu…47
8. Namootaaf Ulfina Kenni……53
9. Gaarummaa Hojjedhu……58

Dabalata……65

Galma

Gaazexessitoonni anaa fi hiriyoota koo kaampaanii Varjin keessa naa wajjin hojjetan “Diddoota Gannataa” (Mavericks in Paradise) jedhanii nu waamu. Hojii keenya akka biisnasoota biroo cinqiidhaan hin hojjennu. Ani immoo odola lama kan mataa koo kanan irratti bashannanu qaba. Kanaafuu wanti gaazexessitoonni nuun jedhan dhugaa dha jechuu dha. Anaaf kun gaarii dha. Cimeen hojjedha; sirriittin taphadhas.

Seerota sana yeroo hunda hordofuu baadhus jireenya koo irraa barumsa baayyee argadheera. Barumsi jireenyaa koo kan jalqabe gaafan ijoollee turee kaasee manatti. Itti fufuun mana barumsaa fi daldala keessatti (barruu Istuudant jedhamu yeroon maxxansaa ture) dha. Hanga yoonaatti barumsa argachaan jira; yoomiyyuu akka dhaabatus hin fedhu. Barumsi kun jireenya koo guutummaa keessatti na fayyadeera. Kanan barreesses isiniinis akka dadammaqsaniifi.

Karooratti nan amana. Abjuu qabaachuun waan gaarii yoo ta’es ani garuu hubataa (practical) dha. Wantoota milkaa’uu hin dandeenye abjoochuudhaan yeroo koo hin gubu. Jalqaba karoora baafadheen achii akka itti galma ga’u yaada. Jireenya koo keessatti wantan hojjedhu hunda garaa guutuudhaan malee mamaa hojjechuu hin fedhu. Yeroon barataa ture dubbisuu fi barreessuun baayyee na rakkisa ture. Yeroo sana dhukkubni dubbisuu dadhabuu (Dylexia) badaa waan hin beekamneef barsiisonni koo dhibaa’aa na se’u turani. Barreessuu fi dubbisuun waan natti cimuuf wantoota hunda sammuutti qabachuun of barsiise. Sababa kanaaf dandeeettii yaadachuu cimaan qaba. Innis daldala keessatti baayyee na fayyadeera.

Gaafan ijoollee ture jireenyi isa ammaa caalaa tilmaamaaf kan salphatu ture. Hojii qabaachuun hin oolle, keessattuu hojii abbaan ofii irratti bobba’e irratti. Haadholiin baayyeen hojii mana keessaa hojjetu. Har’a garuu jireenyi akka durii akka yaadametti hin deemu; wal’aansoo guddaa barbaadas. Bakka guddaa ga’uuf filannoo baayyeetu nama eeggata. Barumsi hunda caalu kanan jireenya irraa argadhe “Callisii godhi” (Just Do It) kan jedhu dha. Maal iyyuu yoo ta’e, hammam cimaa fakkaatus, akka filoosooferri Giriik Pilaatoon jedhe “Hojii kamiif iyyuu kutaan hunda caalaa murteessaan jalqaba isaati.”

Deemsi maayilii kuma tokkoo tarkaanfii tokkoon jalqaba. Dhumaa fi maayiloota dadhabsiisoo gidduu jiran yoo yaadde tarkaanfii ishee barbaachistuu jalqabaa yoomiyyuu tarkaanfachuu dhiisuu dandeessa. Jireenya keessatti waan kamiyyuu galmaan ga'uuf hin tattaafattu taanaan hin milkooftu. Kanaafuu tarkaanfii isa duraa tarkaanfadhu. Gufuu baayyeen si mudata. Hamma murtaa'e rakkachuu ni dandeessa. Dhuma irratti garuu injifachuun kee hin oolu.

Carraa gaarii

Riichaard Braansan

1. Callisii Godhi (Just Do It)

Akka danda'amu amani
Karoora qabaadhu
Jireenya kee sirriitti jiraadhu
Abdii hin kutatin
Qophaa'ii eegi
Ofitti amani
Namoota gargaari

Hojjettoonni koo kaampaanii Varjin keessa hojjetan Obbo Eeyyee (Mr. Yes) jedhanii na waamu. Sababni isaas hin ta'u waanan hin jenneefi. Wantoota hojjechuu dhiisuuf caalaa wantoota hojjechuuf karaan natti mul'ata. Ejjannoon (motto) koo "Maarree haa hojjennu" (Screw It Let's Do It) kan jedhu dha.

"Wanta kana akka itti hojjedhu waan hin beekneef hojjechuu hin danda'u" jedhee hin beeku. Nan yaala. Seeronni waa'ee hin baafne hojjechuu irraa na hin dhowwani. Karaa seera qabeessa ta'een akka itti hojjedhu hin dhabu. Hojjettoota kootti akkas jedheen hima: "Hojjechuu barbaannaan hojjedhaa". Karaa kana hundi keenya fayyadamoo taana. Hojii fi yaadni hojjetootaa waan kabajamuuf Varjin isaan irraa faayidaa guddaa argata.

"Hin danda'u" wanti jedhu si dhaabbisuu hin qabu. Karoora kee fiixaan baafachuuf muuxannoo hin qabdu yoo ta'e mala biraa barbaadi. Fakkeenyaaf xiyyaara balaliisuu barbaadda yoo ta'e buufata xiyyaaraa deemi shaayii danfisii gurguri. Iji kee yeroo hunda banaa haa ta'u. Ilaalii baradhu. Diizaayinarii faashinii ta'uuf mana barumsaa artii galuun sirraa hin eegamu. Kaampaanii faashinii seenii qulqulleessaa ta'i. Karaa itti ol guddattu mijeessi.

Harmeen koo (Iiiv jedhamti) kanaaf fakkeenya gaarii taati. Yeroo waraana addunyaa fedhiin paayileetii ta'uu keessatti uumame. Buufata xiyyaaraa Heestan deemtee akka qacaraniif gaafatte. Dhiira malee dubartiin paayileetii ta'uu hin dandeessu jedhaniini. Baay'ee bareedduu fi shubbistuu waltajjii (dancer) waan turteef gonkumaa dhiira hin fakkaattu. Kun garuu ishee hin dhorkine. Jaakkeettii leezarii kan balaliistotaa (pilots) uffattee rifeensa ishee immoo baarneexxaa (helmet) keessa dhoksitee deemte. Sagalee ishee kan dhiiraa fakkeessuuf sagalee furdaadhaan dubbatte. Hojii hawwaa turte akkanaan argatte. Akka itti balaliisan barattee balaliistota warra haaraa barsiisuu eegalte. Balaliistoti isheen barsiiste warra yeroo waraanaa Ingiliziif xiyyaara waraanaa balaliisani dha.

Waraanichi erga raawwatee booda immoo hoostasii ta'uu barbaadde. Yeroo sana hoostasii ta'uuf Ispaanishii danda'uu fi leenjii narsummaa qabaachuun dirqama ture. Harmeen koo garuu ulaagaa lachuu hin guuttu turte. Haa ta'u malee kun ishee hin ittisne. Eegaa galgalaa buufata xiyyaaraa haasofsiistee maqaa ishee dhoksaadhaan liistii keessa gasheefi. Yeroo gabaabaa keessatti qacaramte. Afaan Ispaanish hin beektu; narsiis miti. Wal-beekii namootaa wajjin qabdu fayyadamtee garuu fiixa baate. Hin ta'u hin jenne. Callistee hojjette.

Maatii keenya keessaa "haa hojjennu" (Let's Do It) kan jette harmee koo qofaa miti.

Abuuraa (explorer) beekamaan kaapteen Roobart Iskoot durbii akaakayyuu koo ture. Goota ture; Antaartitikaa al lama deeme. Kaayyoon isaa nama Bantii Kibbaa (South Pole) ga'e isa jalqabaa ta'uu ture. Namoonni baay'een 'Sitti haa hafu; hin danda'amu' jedhaniini. Inni garuu 'nan danda'a' jedhe. Kaayyoo isaa galmaan ga'uu xiqqoof dadhabe. Bantii Kibbaa yoo ga'es nama isa duraa hin taane; Rowaald Amunsan namichi jedhamu isa durse. Iskootiif baayyee carraa gaddisiisaa ture. Utuu deebi'aa jiruu du'e. Yeroo namoonni "Inni lammaffaa ba'e badhaasa homaa hin argatu" jedhan isan yaadadha. Bantii kibbaa ga'uudhaan lammaffaa ba'uudhaan yaadatama. Afuuffeedhaan (balloons) Antaartitikaarra kan balali'e ta'uudhaan nama jalqabaa ture. Namoonni garuu kana hin yaadatani.

Barruu Istuudant kanan jalqabe umrii waggaa kudha shaniitti utuun barataa ta’ee jiruuti.
Namoonni tokko tokko hin dandeessu naan jedhani. Ijoolleedha, muuxannoo hin qabdu naan jedhani. Akkan danda’u waanan amaneef itti agarsiisuun barbaade. Herrega isaan eeggannoodhaan hojjedhe. Gatiin waraqaa fi maxxansaa hammam akka ta’u nan herrege. Galiiin gurgurtaa fi beeksisa irraa argamu hammam akka ta’es nan herrege.

Harmeen koo teembiriif (stamp) paawundii afur naa kennite. Anaa fi hiriyaa koo Joonii Gems gara waggaa lamaa ispoonsarii argachuuf xalayaa dhibba meeqa barreessine. Namoota bebbeekamoo wajjin gaaffii fi deebii (interview) argachuuf yaalaan ture. Xalayoota kana barreesuu fi deebii isaanii eeguun Laatinii barachuu caalaa harka meeqa nu gammachiisa ture. Maallaqni jalqabaa beeksisaaf yeroo nuu kaffalamu gammachuu guddaatu natti dhaga’ame. Paawundii dhibba lamaa fi shantama ture; qarshii guddaa dha. Amantiin koo ni hojjete.

Barataa yeroon ture qormaata darbuun salphaa naaf hin turre. Hojii mataa koo yoon hojjedhe akkan milkaa’u nan beeka ture. Warri koo filannoo isaa anaaf dhiisani. Filannoon koo maal iyyuu yoo ta’e na deggeru. Kanaafuu umriin waggaa kudha ja’atti barruu Istuudant irra yeroo koo hunda oolchuuf jecha barnoota addaan kute. Anaa fi Joonii taanee mana lafa jalaa (basement) maatii isaa Landan keessa buufanne. Landan keessatti dargaggoo fi bilisa ta’uun baayyee gaarii ture. Biiraa ni dhugna; jaalallee qabna; sirba akka garaa keenyaa dhaggeeffanna. Akka barattoota hin qayyabannee turre. Utuu akkas bashannannuus akkasuma immoo baayyee hojjenna. Gaaffii fi deebii namoota gurguddaa akka Joon Leenan, Miik Jaagar, Vaaneesaa Reedgreevii fi Duudlii Moor wajjin gochuu dandeenye. Barrulee gurguddaa tokko tokko caalaa namoota bebbeekamoo haasofsiisuuf carraa arganne. Namoonni bebbeekamoon dhufuu jalqabani. Jireenyi mana warra hiriyaa kootti dabarsine baayyee bareedaa ture. Jireenyi keenya cidha hin dhaabanne ture.

Wantoota guguddaa baay'ees hojjenneerra. Dhimmoota barbaachisoo waqtii sanaa kan akka Waraana Veetinaamii fi Beela Biyaafraa akka gabaasaniif namoota keenya ergineerra. Jijjiirama akka fidnetu nutti dhaga'ama. Wanti nuun hojjennu barbaachisaa fi gammachiisaa ture. Garee baayyee walitti siqu turre. Maatiin koos barruu keenya paarkii geessanii gurguruudhaan nu gargaaru. Carraa arganne hundatti fayyadamne.

Damee haaraa ni bananne. Kanas kan gochuu dandeenye gatii isaa hir'isnee kara mana poostaa raabsuudhaani. Qoqqobbii (Strike) poostaa yeroo nu dhaabu karaa biraa barbaachuu jalqabne. Harka marannee hin teenye. Kaayyoon keenya suuqii barruun keenya itti gurguramu banachuu ture; qarshiin garuu nu hanqate. Kanaafuu namicha mana kophee qabu tokko kutaa xiqqoo ishee akka nuuf laatu haasofsiisnee milkoofne. Sirna baniinsaa isaaf beeksisa sirriitti hojjenne. Stoorii keenya barattootaaf gaarii (cool) akka ta'u goone. Istoorii tokkorraa gara lamaatti achii gara sadiitti ceene. Yeroo muraasa gidduutti magaalota gurguddoo Ingiliz keessa jiran baayyee isaaniitti istoorii bananne. Kana kanin gochuu danda'e umriin koo waggaa 20 utuu hin guutini. Nan duroome. Harka maradhee garuu hin teenye. Kara maallaqaa yoo milkoofnes karoora baayyeetu naa hafe.

Kaayyoo jireenyaa koo keessaa tokko akka Kaapteen Iskoot jireenya koo guutummaatti jiraachuudha. Kanaafuu bara 1984 dorgommii bidiruu Riibaandii Cuquliisa mo'achuuf godhamu ispoonsara akkan godhu yeroon gaafatame battalumaanin walii gale. Riibaandii Cuquliisni badhaasa galaana irra Ameerikaa irraa Ayirlaand dursanii ga'uuf kennamudha. Akkan isaanii wajjin deemu itti himeen shaakala eegale. Rakkina xiqqoon na mudate. Haati manaa koo Jowaan ulfa turte; yeroo mucaan keenya dhalatu akkan ishee waliin ta'u waadaa seeneefiin ture. Haalli qilleensaa gidduu sanaa riikardii cabsuuf mijataa akka ta'e nutti himameera. Yoon hafe gareen keenya miidhamuu isaati.

Maal gochuu akka naa wayyun Jowaaniin gaafadhe.
"Callisii deemi. Mucaan dhalachuuf turban lamatu hafa; hammasitti ni deebita" naan jette.

Varjin Atlaantik Chaaleenjar fudhannee obomboleettiin utuu nu hin dhorkin deemne. Galgaluma sana Mucaan koo jalqabaa (Saam) akka dhalate dhaga'e. Shaampaanyii bannee gammadaa itti fufne. Obomboleettii guddaan Ayirlaanditti utuu nu hin mudannee riikardii cabsuun harka keenya ture. Fixuuf maayilli 60 qofti yeroo nuu hafu obomboleettii guddaadhaan rukutamne. Dooniin keenya caccabee bishaanitti nam'ine. Galaana walakkaa turre. Bidiruu Ameerikaa deemaa turetu lubbuu keenya oolche. Yaaliin keenya jalqabaa Ribaandii Cuquliisa mo'achuuf goone galma hin geenye. Haa ta'u malee abdii hin kunne.

Waggaa ja'a booda Varjin Atlaantik Chaaleenjar Lammaffaa fudhadheen dhiyaadhe. Bishaan taankii boba'aa(fuel tank) keessa seenuu utuu hin jalqabin dura hunduu gaarii ture. Injiniin isaa nu jalaa dhaabbate. Sa'atii baayyeef taankii qulqulleessinee injinii kaasuuf yaalle. Abdii kan nama kutachiisu ture. Warrri kaan abdii akka kunnu nu gorsan. Wanti gochuu danda'amu hin jiru jedhani. Ani garuu carraa keenya isa dhumaa ta'uu isaa nan beekan ture. Amma gochuu baannaan yoomiyyuu hin goonu jechuu dha. Akka abdii hin kunne isaan kadhachaan ture. "Kottaa, gochuu qabna; Yeroo dhumaaf haa yaallu" jechaan ture.

Humni keenya dhumeera. Iji keenya illee arguun hamma itti cimutti geese. Dhukkuba galaanaa(sea sickness) dukkubsannee turre. Doonii keenya ni jibbine. Galaanicha ni jibbine. Torbee tokko utuu addaan hin kutin rafuu barbaanne.

"Itti fufuu qabna" jedhee iyyaan ture.
"Yeroo dhumaaf al tokko yaalla" jennee walii galle.

Akkuma akka isheetti injinii kaasnee jalqabne. Abdii waan qabu hin fakkaatu ture. Baayyee boodatti waan hafnee turreef yaaluun badaas bu'aan isaa nutti hin mul'anne.
Garuu hinuma itti fufne. Yeroo isa boodatti hafnee turre bakka buufanne. Dhumarratti riikardii kanaan dura qabamee ture sa'atii lamaa fi daqiiqaa sagaliin qofa yoo ta'es ni cabsine. Barumsi an kanarraa argadhee fi jireenya koo ittiin gaggeessu abdii kutachuu dhiisuu dha.

Riibaandii Cuquliisa mo’annee guyyaa tokko booda lammiin Siwiidin Per Lindstraand jedhamu afuuffee qilleensa ho’aan guutameen (Hot Air Balloon) Atlaantikii akka qaxxaamurru na afeere.

Battaluma sana goota koo kaapteen Iskootiinan yaadadhe. Afuuffeedhaan (balloon) bantii kibbaarra nama balali’e dha. Ani sana dura afuuffeedhaan balali’ee hin beeku. Eenyuyyuu fageenya hamma sanaa afuuffeedhaan balali’ee hin beeku. Baayyee sodaachisaa dha. Balaa cimaatu na mudachuu danda’a. Kaampaanonni koo paawundii miiliyoonota baayyee kan sochoosani dha. Yoon du’e maaltu isaan mudata?

Rakkinoota baayyeetu jira. Ani garuu gufuu baayyee darbuu nan jaalladha. Carraa waan haaraa yaaluu of hin dabarsu. Haa deemnun jedhe.
Jalqaba garuu Peeriin ijoollee qabdaa jedheen gaafadhe. Ijoollee lama akka qabu natti hime.

Kun anaaf ga’aa ture. Erga inni ijoollee lama qabaachuun isa hin ittisnee anaanis wanti na dhorku hin jiru. Isaa wajjin deemuuf akkan murteesse itti hime.

Yeroo hunda namootatti waa sirriitti hojjechuu yoo barbaadan dursanii karoorfachuu fi qophaa’uu akka qabanin itti hima. Kanaafuu Peerii wajjin Ispeen deemeen afuuffeedhaan balali’uu baradhe. Yeroo sanatti hin barre malee booda barumsin argadhe booda lubbuu koo ooshiteetti.

Wantootan baradhe keessaa tokko afuuffeen qilleensa ho’aadhaan socho’u (hot-air balloon) hundi boba’aa (fuel) gubatee qilleensa afuuffee keessaa ho’isu akka qabudha. Qilleensi ho’aa yeroo deemu afuuffeen wajjiniin olka’aa deema. Boba’aan gubachuu baannaan qilleensi qabbanaa’ee afuuffeen gara lafaatti gadi bu’aa deema. Yeroo afuuffee qilleensa ho’aadhaan socho’u balaliisan kallattii bubbeen itti dhufu ilaalanii qilleensa afuuffee keessaa ho’isuu fi qabbaneessuun barbaachisaa dha.

Bubbee fi obomboleettiin kallattii Ameerikaa irraa gara Awurooppaatti bubbisu. Ameerikaadhaa kaanee sa'atii 29 booda Ayirlaandiin geenye. Afuuffee qilleensa ho'aan Atlaantikii qaxxaamuruudhaan namoota jalqabaa taane. Rakkina tokko qofatu nu mudate: akkaataa ittiin qubannu. Boba'aa taankii baayyee qabannee waan turreef isaanii wajjin qubachuun balaa guddaa fiduu danda'a. Kufnee gubachuu dandeenya. Suuta jennee buunee taankota lafa buusuu filanne. Qilleensa afuuffee keessaa hir'isnee gadi siqne. Taankota afuufeerraa kunne. Ammammoo ulfaatinni keenya gar malee xiqqoo ta'e. Qilleensi ol nu kaasee samiitti nu deebise; homaa to'achuu hin dandeenye.

Peer namoota irratti kufnee akka hin miineef qarqara galaanaa qubachuu yaalla jedhe.

Hurrii cimaan waan tureef akka yaadne qarqara galaanaa qubachuu hin dandeenye. Galaanichi duukkanaa'aa fi jeeqamaa fakkaata. Afuuffeedhaan keessa yoo qabanne dhidhimnee du'uun keenya hin oolu. Jaakkeettii lubbuu (life jacket) koon uffadhe. Akka tasaa olka'iinsa faana 56 ta'urraa Peer utaale. Afuuffeen keenya ulfaatinni yeroo irraa hir'isu qilleensaan ol fudhatamte. Qofaa koon hafe.

Qilleensi akka barbaade na daddarbachaa duumessa keessa ol na balleesse. Kara kaabaa gara Iskootlaanditti na geesse. Qofaa koo afuuffee guddicha addunyaa keessa balali'aan jira. Boba'aan naa hafe sa'atii tokko caalaa na hin tajaajilu. Yeroonni dhumu galaana keessa dhidhimuu kooti. Reediyoon yaale; hin hojjetu. Waanan godhun wallaale. Filannoon qabu paaraashutiidhaan utaaluu fi callisee eeguu qofa. Dabtara yaadannoo koo baasee "Jowaan, Hoolii, Saam- isinin jaalladha" jedheen bareesse. "Hamman lubbuun jirutti waa gochuu nan danda'a" jedheen of jajjabeessaa ture. "Wanti ta'e hin uumama" ofiin jechaan ture. Dhuguma immoo waa hin uumame. Afuuffeen koo galaana Greeyitti gaafa jallatu duumessa keessaa ba'een heelikooptara arge. Na barbaacha dhufani. Akka na arganiif mallattoo kenneefii na argani.

Qilleensa jabaa jalaa maqeen afuuffee keessaa gara galaanaatti utaale. Yeroon keessaa ba'u afuuffettiin ulfaatinni ishee hir'isee qilleensi fudhatee bade. Helikooptarichi bishaan diilalla'aa sana keessaa na baase. Waa'ee Peer yeroon gaafadhu sii wajjin jira seene naan jedhani. Sa'atii baayyeef galaana keessa ture. Dafnee isa arguutu nurra ture. Eessa jiraachuu akka danda'u itti himee qorri utuu isa hin ajjeesin isa qaqqabne.

Imalli keenya muuxannoo baayyee addaa ture. Barnoota baayyeen irraa argadhe: callisanii gochuu qofa osoo hin taane, dursanii qophaa'uu, ofitti amanuu, wal gargaaruu, gonkumaa abdii kutachuu dhiisuu.

Kanneen kun jireenya keessatti barbaachisoo dha. Barumsan argadhe argachuu fi itti fayyadamuuf biiznasii guddaa qabaachuun, afuuffeedhaan balali'uu yookaan bidiruudhaan deemanii riikardii cabsuun dirqama miti. Karoorri kee waan xiqqoo ta'uu danda'a. Barruun Istuudant jalqaba baayyee xiqqoo turte. Beeksisa isaanii kan barruu keenya irratti beeksifatan jalqaba kanan bilbilee haasofsiisaa ture bilbila mana barumsaa fayyadameetu. Sababni isaas akkan hojjechuu danda'u waanan amaneefi. Waan hojjechuu barbaaddu yoo qabaatte callisii hojjedhu. Kaayyoon kee maal iyyuu yoo ta'e sodaachuu dhiistee hin balaliitu taanaan hin milkooftu.

2. Gammadaa Ta’i

Gammadi, cimii hojjedhu; maallaqni ofii isaa ni dhufa
Yeroo hin gubin-Carraa of hin dabarsin
Ilaalcha poozatiivii qabaadhu
Si gammachiisuu baannaan waan biraa hojjedhu

Jireenya koo keessatti gaariitti hojjedhee akkan milkaa’e beekamaa dha. Wantin tuqu hundi warqiitti akka jijjiiramu dubbatama. Namoonni baayyeen iccitiin koo maal akka ta’e na gaafatu. Akkan itti qarshii hamma kana uumu na gaafatu. Wanti isaan baruu barbaadan garuu akkamitti ofii isaanii akka qarshii uumani dha. Namni hundi miiliyeenarii ta’uu ni barbaada.

Deebiin koo yeroo hunda kana: ‘iccitii homaa hin qabu’. Biiznasiin seera hordofamu hin qabu. Yeroo hunda cimeen hojjedha; akkan danda’u amantii qaba. Hunda caalaa garuu gammadaa ta’uun yaala.

Bara 1997 keessa afuuffeedhaan addunyaa yeroon qaxxaamure balaa baayyeen na mudachuu akka danda’u nan beeka ture. Utuun hin deemin dura ijoollee koo Saamii fi Hooliif xalayaa barreesseen kaa’e. Ergaan xalayichaa “Jireenya keessan garaa guutuun jiraadhaa; yeroo hunda gammadaa; harmee keessan kunuunsaa” kan jedhu dha.

Jechoonni armaan olii amantaa koo ibsu. Yeroo hin gubin; Gammadi; Maatii kee jaalladhu.

Sooressa ta’uuf miti kanan ka’e. Wanti ani barbaade jireenya gammadaa fi mudannoon guutamu jiraachuu dha. Maallaqni barbaachisaa ta’uu hin haalu. Nuun namoota holqa keessa jiraatan miti. Hiddaa fi firii mukaa duwwaan hin jiraannu. Gaaf tokko wanti jireenyaaf na barbaachisu ciree, laaqanaa fi irbaata qofa akka ta’e dubbachuu koo nan yaadadha. Ammas taanaan ittin amana. Biiznasii kanan jalqabe maallaqa argachuuf miti- wanti ani baradhe gammadaa taanaan maallaqni akka dhufuun hin

hafne dha. Yeroo baayyee “Hojiin koo gammachuu naa kennaa?” jedheen of gaafadha. Hojiin koo na gammachiisuu baannaan maalif jedheen of gaafadha. Gammachuu irraa argachuu baannaan nan dhiisa.

‘Gammachuun akkamitti maallaqa fida?’ jettee gaafachuu dandeessa. Yeroo hunda akkana ta’a jechuu miti. Ani mataan koo Bu’aa ba’ii keessa darbeera. Harka caalaa garuu abbaa carraan ture. Jireenya koo hamman yaadadhutti harka caalaa gammachuus maallaqas hin dhabne.

Mudannoon addunyaa biiznasii keessatti na mudate gara duraa kan milkaa’inaa hin turre. Ta’us garuu barumsa irraa argadheera. Yaaliin jalqaba maallaqa argachuuf taasise yeroo umriin koo waggaa 9 ture dha. Yeroo faasikaatti yaadni baayyee gaariin naa dhufe. Yaadichis muka krismaasii (Christmas Tree) dhaabuu dha. Hiriyaa koo Niik Paawol muka dhaabuu akka na gargaarun gaafadhe. Wajjiniin taanee sanyii 400 facaasne. Hojii dadhabsiisaa yoo ta’es kan nama gammachiisu ture. Maasii keessa ooluun mataasaa nuuf gammachuu tokko ture. Sana booda wanti nurraa eegamu yeroo Krismaasiitti hanga isaan guddatanitti eeguu qofa. Ji’a 18 fudhata. Wanti ani baruu qabu inni jalqabaa lakkoofsa ta’e. Mana barumsaa keessatti herregaan gaarii hin turre. Waraqaa irratti lakkoofsi hiika naaf hin laatu. Yeroon biiznasii muka krismaasii karoorsu garuu lakkoofsi hiika naa kennuu danda’e. Korojoon sanyii qarshii shan qofa yoo ta’u muka tokko kan ittiin gurgurru immoo qarshii shani. Qarshii 795 buufanna jechuu dha. Qarshii dhibba torbaaf sagaltamii shaniif obsaan eeguun hin badu. Yeroon ijoollee ture illee karoora yeroo dheeraa karoorfachuu fi badhaasa obsaan eeguu nan danda’an ture.

Barumsi ani argadhe inni lammaffaan qarshiin callisee muka irratti akka hin biqille dha. Haala nama gaddisiisuun illeettiin sanyii facaasne nyaattee nu jalaa fixxe. Nuunis ijaa baafachuu hin dhiisne. Illeettii ajjeesnee ishee fixne.

Illeettii tokko gatii saantima shantamaan mana fooniitti gurgurre. Walii galatti bu'aa xiqqoo yoo argannu hiriyoonni keenya immoo foon illeettii nyaachuu danda'aniiru. Hundi keenya iyyuu xiqqoo buufanneerra.

Guyyaa gaariirra qarqara galaanaatti waan argattu hin beekamu. Gaaf tokko guyyaa ayyaanaarra odolaa fi buufata xiyyaaraa mataa koon argadhe. Bara 1976 keessa Varjin Miwuzik cimsuuf hojjechaan ture. Maayik Ooldfiild bara 1973tti albamii Tubulaar Beels jedhamuun milkaa'ina nu gonfachiiseera. Baandii Seeks Piistils waan mallatteesineef nuuf yeroo gaarii ture. Hojjiin nutti baayyatus gammachuuf yeroon nu hin hanqanne. Namoonni baayyeen Biraansan sirba milkaa'aa akka Tubular Bells argachuun isaa abbaa carraa waan ta'eefi jedhanii dubbatu. Dhuguma carraa gaariitu nu quunname; nuti garuu harka marannee teenyee miti kan carraa arganne. Tubulaar Beels kaampaanii muuziqaa hunda geeffamee ture. Hundinuu ni didani. Nuti garuu dhaggeeffannee itti amanne. Akka milkaa'u dursinee barre. Hojiin isaa garuu baayyee ijibbaachisaa ture. Qarshii argachuun nurra ture. Sirbicha beeksisuunis ga'ee keenya. Karaa adda ta'e yaaduu nu barbaachisa. Joon Piil qophii isaa irratti albamicha guutummaa akka taphachiisu gaafannee nuu taphachiise. Kanaan dura wanti akkanaa godhamee hin beeku. Ni milkoofne. Albamichi baayyee gurgurame.

Maayik Ooldfiild baayyee ija laafaa (shy) waan ta'eef albamicha ofii isaa beeksisuu (promote) hin dandeenye. Yaada gaariin nuu dhufe. Viidiyoo hojjennee televizyiniitti dabarsine. Gar malee akka beekamuu fi gurguramu kan godhe fiilmii 'The Exorcist' jedhu irratti saawundtraakii ta'ee yeroo galu dha. Baayyee gurgurame. Kanaan milkoofnus sagalee fi dandeettii haaraa barbaaduu hinuma itti fufne.

Barri 1979 yeroo dhumu boqonnaa fudhachuu na barbaachise. Jaalallee koo Jowaan waliin gargar baaneerra. Baayyee kan nama gaddisiisu yoo ta'ellee poosatiivii yaaduun jaalladha. Bona bona yeroo hunda Landan keessaa ba'uun natti tola. Muuziqaa, aduu fi galaanni gammachuu naa kennu. Landan irraa fagaachuun koo bakkaa fi bilisummaa itti yaada haaraa argadhuu fi karoorsu naa kenna.

Gara Jamaayikaan deeme, walakkaa hojiif, walakkaa bashannanaaf. Galaana “Worm Sea” jedhamu nan daake. Qarqara galaanaa taa’ee yeroo dheeraan dabarse. Sirba gosa haaraan dhaga’e. Diijee naannoo (local) kan Toostars (Toasters) jedhamaniin kan qindaa’e dha. Akka jalqaba raappii waan ta’eef baayyee waan addaa ture. Sirbitoonni Jamaayikaa cheekii waan hin fudhanneef Baandii Reegee fi Toostaroota muraasa qarshii kaashii kenneefiin mallatteesse. Isaanii wajjin sirboota baayyee hojjennee gurgurre. Ejjennoo (motto) koof fakkeenya gaarii kan ta’u dha- “Hojii keetti gammadaa ta’i; maallaqni ni dhufa.”

Jowaan akka tasaa yeroo naa bilbiltu ammayyuu Jamaayikaan jiran ture. “Niiwu Yoorkitti wal arguu ni dandeenyaa?” jettee na gaafatte. Niiwu Yoorkitti yeroo gaarii dhabarsine; bilbilli bilbilamuun garuu hin hafne. Dhokannee yeroo murtaa’e qofaa keenya waliin dabarsuu barbaanne. Namni ta’e kaampaanii Varjin odola (island) Varjiniin moggaastanii jedhee nu gaafate. Deebiin isaa lakkii dha. Kan nuun varjin jennee moggaasne biiznasiif haaraa waan taaneef jecha. Odola varjin kana dura deemee hin beeku. Akkan dhaga’etti garuu anaa fi Jowaan yeroo jaalalaa waliin dabarsuuf iddoo baayyee gaariidha.

Qarshiin kaashiidhaan qabu hunda sirbitoota Jamaayikaa mallatteessuuttin fixe. Haa ta’u malee akkan dhaga’etti odola irratti mana bitachuu barbaannaan daawwiin kaffaltii malee ni danda’ama. Isteet eejantii Briitish Varjin Ayilaandittin bilbile. Kaampaanii muuziqaa akkan qabuu fi odolicha irratti istuudiyoo dhaabuu akkan barbaadu itti hime.

Innis akkas jedhee naa deebise. “ Akka keessummaatti kottaa. Odoloota baayyee qabna. Isin daawwachiisna.”

Jowaanii wajjin Biriitish Varjin Ayilaanditti balaliine. Akka sanyii mootiittti nu kunuunsani. Buufata xiyyaaraatti konkolaataadhaan nu simatanii gara viillaatti nu geessani. Gannata keessa akka jirrutti nutti dhaga’amaa ture. Guyyaa itti aanu xiyyaarri nu daawwachiisuuf nu eege.

Mukkeen magariisa irra darbinee Galaana Cuquliisa (Blue Sea) ceene. Odola bareedaa tokkorraa gara kan biraatti ce'aa oolle. Manneen jireenyaa babbareedoo daawwachaa yeroo gaarii dabarsine. Yeroo qabnu suuta itti bashannanne. Haa ta'u malee odolli bitamu nu jalaa dhumuutti dhiyaate.

Bakka bu'aa (agent) odola haaraa argeera yoo ta'eef gaafanne.

"Eeyyee, bareedduun xiqqoon tokko jirti. Maayilii baayyee fagaattee waan jirtuu fi itti bu'amee waan hin beekneef gaarii dha. Maqaan ishee Neekar jedhamti" jedhe. Odolittiin kan namicha sanyii mootii Ingiliz akka ta'eefi inni garuu achi deemee akka hin beekne nutti hime.

Odola fageenya maayilii baayyeerra jirtu bituun gaarummaa lama qaba. Tokkkoffaa, xiyyaaraan deemsa dheeraa waan ta'eef daawwiif ni mijata. Lammaffaan haaraa ta'uusaati. Homtuu irratti hin ijaaramne. Gatiin isaas tarii salphaa ta'a.

Yeroo jalqabne odolarraa odolatti kan ceenu bashannanaaf ture. Odola bituu hin yaanne. Qarshii isaas nan qabaadha jedhee hin yaadne. Booda keessa garuu fedhii guddaan na keessatti uumame. Gannata keessaa anis bakka qabaachuun fedhe. Odola bituun fedhe. Karoora kan biraa jechuu dha.

Galaana Cuquliisa irra yeroo balaliinu cirracha adda ta'e argine. Qarqara galaanaa cirracha adiin guutamerra qubanne. Tulluu magariisni gara walakkaa ture; isa ni yaabbanne. Gubbaarraa yeroo gadi ilaalan baayyee miidhaga. Kallattii hundi sirriitti mul'ata. Odolichi kan argamu Kooraal Riifii keessatti. Cirrachi adiin guutummaa qarqara galaanichaa marseera. Bakka bu'aan (agent) qocaan buphaa kan buusan cirracha kanarratti akka ta'e nutti hime. Galaanichi baayyee qulqulluu ta'uurraa kan ka'e corraan aduu (ray) irraa mul'ata. Gidduu odolichaa lageen xixiqqoo lamatu jira. Bosonnni tirooppikaa gobbuu ta'es ni jira. Gartuun paarotii gugurraattiin samiirra balali'u. Viillaa gurguddaan hin jirani. Dhaabadhee

gara galaanaa yeroon ilaalu akka mootiitti natti dhaga'ame. Neekar irraa jaalalli na qabe.

Bakka bu'ichi bishaan dhugaatiif ta'u akka odolicha irra hin jirre nutti hime. Odolicha binnaan bishaan galaanaa dura qulqulleessinee dhuguu qabna jechuu dha.

Odola bishaan dhugaatii fi mana hin qabne gatiin isaa baayyee nun rakkisu jedheen yaade. Gatii isaa nan gaafadhe.

Paawundii miiliyooona sadii naan jedhan.

Hamman kennuu danda'u irraa baayyee fagoo dha. Paawundii 150,000n bituu nan danda'an jedheen. Gatiin dhiyeesse gatii isaan itti gurguran parsantii shanii gadi dha. Ani dhuguma koo yoo ta'ellee bakka bu'ichi garuu waanan qoosu itti fakkaate. Ammas irra deebi'ee gatiin isaa miiliyoona sadii dha jedhe.

"Isa dhumaa, paawundii 200,000 nan kenna" jedheen itti hime.

Heelikooptaraan gara viillaatti deebine. Shaanxaan keenya bakkeetti nu eegde. Nu ari'ani jechuu dha. Halkanicha hirribaan dabarsinee ganama ciree mandaraa nyaannee deemne.

Yeroo keenya ishee hafte kan dabarsine odola biraa irratti. Karoorri keenya achumaan Poortoo Riikoo deemuu ture. Haa ta'u malee buufata xiyyaaraa yeroo deemnu deemsi hafeera nuun jedhan. Namoonni waan godhan wallaalanii asii achi deemu. Namni fala fidu hin jiru. Kanaafuu ani mala uumuun yaale. Xiyyaara tokko paawundii kuma lamaan kireeffadhe. Baayyina namaaf yeroon hiru nama tokkotti paawundii 39 dhufe. Gabatee gurraacha ergifadheen akkas jedhee irratti barreesse: "Varjin Eeyirweeyis- Poortoo Riikoo deemuuf Paawundii 39 qofa'.

Yaadni Varjin Eerweeyis (Virgin Airways) haala kanaan akka tasaa yeroo boqonnaa kootti uumame. Sirriitti kan hojii jalqabe garuu booda yaadni

biiznasii yeroo naa ergame dha. Isa dura xiyyaara kireeffadhee beekuu baadhus carraan yeroo argamu garuu of hin miliqsine. Tubulaar Beelsii fi Toostaroota Jamaayikaa yeroon arges kanen godhe kanuma. Har'a Varjin Atlaantik maalirra akka jiru ilaali. Gara biyyoota soddomaatti ni balaliina. Awustraaliyaatti Varjin Bluu, Awurooppaatti Varjin Eksprees, Naayijeeriyaatti Varjin Naayijeeriyaa dhaabneerra. Varjin Ameerikaas karoorfanneerra. Isa caalaayyuu fageessinee karoorsineerra: Varjin Gaalaaktik gara hawaatti nama geessa. Eenyuyyuu kana gochaa hin jiru. Yaalii ajaa'ibsiisaa dha. Hunda dursinee jirra. Waggaa 21 gidduutti xiyyaara kireeffachuurraa gara hawaatti imaluutti ceeneerra.

Jowaanii wajjin Landanitti erga deebineellee Odola Neekar bituun yaada koo keessaa hin baane. Yeroon gaggaafadhu abbaan odolichaa badaa sooressa akka hin taanen bare. Kanaaf odolicha irratti mana hin ijaarre. Odolicha gurguree paawundii 200,000 kan ittiin Landanitti mana ijaarratu akka barbaadus nan dhaga'e. Naanna'ee naanna'ee qarshiiman sila bakka bu'ichaaf dhi'eesse dhufe.

Rakkinni jiru garuu ani yeroo sanatti paawundii 200,000 hin qabu. Kanaafuu liqeeffachuun qaba jechuu dha. Paawundii 175,000n dhiyeesse; Isumayyuu garuu hin qabun ture. Yeroo gatii kanaan na didan itti dhiiseen hojiitti deebi'e. Ji'a sadii booda naa bilbilanii 180,000 kenninaan bituu akkan danda'u na beeksisani. Walii galteen gurgurtaa mana irratti ijaaruu fi warshaa soogidda galaana keessaa baasuu dhaabuu akkan qabu dabalata. Haala kanaan waggaa shan booda itti fayyadamuu dandeenya jechuu dha. Maallaqa guddaa gaafata. Haa ta'u malee qarshii akkan ta'e ta'ee argachuu akkan danda'u amanee walii galteerra geenye.

Amma wanti naa hafe qarshii ittiin odolan hawwaa ture bitu argachuu qofa. Kan hin danda'amne yoo fakkaatellee galmaan ga'uufin waadaa seene. Baankiirraa, hiriyootaa fi maatii koorraa liqeeffadheen bite. Hojii keetti gammadi; maallaqni nu dhufa; abjuun kees ni milkaa'a kanan jedhes kanaafi.

Har’a Neekar iddoo bareedaa maatii fi hiriyoota koo taanee itti gammaduu fi taphachuuf nu tajaajilu ta’eera. Kutaan inni dhumaa sagantaa televizyinii koo ‘The Rebel Billionaire’ achitti waraabame. Kaameeraan gubbaa irraa waraabe. Galaana bareedaa, cirracha adii qarqara galaanaa fi mukkeen mimmiidhagoo sirriiitti waraabamani. Akkuma yeroo jalqaba anaa fi Jowaan gadi ilaallee bareeda. Jamaayikaatti baandii mallatteessiseen achumaan buufata xiyyaaraa fi odola argachuu danda’e. Haalli hundi mijataa ta’ee miti. Kaayyoo fi jireenyaaf ilaalcha poozatiivii yeroo qabaattu garuu waan itti aggaamtu qabda. Cimanii hojjechuu fi gammaduun jireenyaaf hiika kan laatani dha.

Waa gammachuu namaa kennuu yeroo dhaabu isa dhiisanii waan biraatti darbuuttin amana. Jireenya baayyee gabaabduu kana gammachuu malee dabarsuun hin malu. Guyyaa guyyaatti yaaddoo fi dhiphinaan jireenya ofii jiraachuun hin ta’u. Kanaaf barumsa gaarii kan naa ta’e hiriyaa fi shirkaa koo Niik Paawolii wajjin wanta dabarsine dha.

Niik jalqaba Varjinii kaasee naa waliin ture. Ani yaada yeroon fidu Niik immoo qarshii to’achuudhaan waliin hojjenna turre. Hojiin Niik inni guddaan Istoorota Varjin Riikards gaggeessuu dha. Haala baayyee gaariirra turani. Eerlaayinii yeroo jalqabnu kan hunda caalu akka ta’u barbaanne. Paawundii miiliyoona hedduu itti baafne. Dorgomaan keenya Briiitish Eerweeyis nu ittisuuf yaalii baayyee godhani. Dorgommiin nu gidduu jiru dabalaa yeroo deemu maallaqnis immoo akkuma kana baayyee nu barbaachise. Qarshii dhangalaasuun inuma itti fufe. Varjin miwuzik qarshii baayyee yoo qabaatus Varjin Eerweeyis garuu qarshii nu jalaa fixaa ture. Niik balaa akkasii waliin wal’aansoo qabuun isa hin gammachiisu. Yeroo kana Niikii wajjin akka inni keessaa ba’u irratti walii galle. Sheerii inni varjin keessaa qabu ani irraa bitee haala kanaan gad lakkise.

Durii kaasee Niik fiilmii baayyee jaallata. Bu’aa varjin irraa argate Paalaas Piikchars kan jedhamu ittiin dhaabe. Fiilmota gurguddaa kanneen akka The Company of Wolves, Mona Lisa fi The Crying Game jedhaman achitti hojjetamani. The Crying Game Oskaarii mo’ateera. Niik ammayyuu

gammachuudhaan biiznasii fiilmii keessatti argama. Hiriyummaan keenya akkuma itti fufetti jira. Rakkina yeroo xiqqoo booda eerlaayiniin keenya bu'aa argachuutti ka'e. Niik varjinii wajjin utuu itti fufee maallaqa amma argatu caalaa ni argata ture; gammachuu garuu hin argatu. Erga sanaa utuu callisnee wajjin hojjechuu itti fufnee hiriyummaan keenya hafuu danda'a ture. Murtiin Niik sirrii dha. Kanaafi kanan maallaqni qofti kaayyoo kee hin ta'in jedhu. Bu'aa buufachuu qofa yoo yaadde milkaa'ina yeroo dheeraa hin argattu.

Jireenyi koo kan abbaa carraati. Kaampaaniin Varjin maallaqa miiliyoona baayyee qaba. Namoonni baayyeen bashannani, soorama ba'i naan jedhu. Soorama ba'ee maalin hojjedha yeroon jedhuun goolfii taphadhu, fakkii kaasi jedhanii naa deebisu. Gammadi jechuu barbaadaniiitu.

Ani ammas ta'e gammadaa dha. Hojiin koo gammachuu naaf kenna. Biiznasiin koo hundi gammachuu kan qabu dha. Duris akkasuma ture; gara fuulduraattis sababa itti adda ta'uuf hin qabu.

Hundumti keenya biiznasii haaraa jalqabuuf maallaqa yookis carraa qabna jechuu miti. Takka takka hojiima argachuun kee iyyuu si gammachiisuu danda'a. Kanaaf warshaa yookin kutaa bilbilaa (call center) keessa utuma jibbituu hojjechuu dandeessa. Haala kanaan jireenya keetti gammadaa ta'uu ni dandeessaa? Dhuguma hojii jibbitu kana hojjechuun filannoo kee isa dhumaatii? Eenyuyyuu yoo taate filannoo hin dhabdu. Naannoo kee ilaali. Waan hojjjechuu dandeessu kan biraa barbaadi.

Iintarneetiin karaa kanaan carraa hedduu uumuu danda'eera. Gaaf tokko hiriyaan koo konkolaataa kireeffachuu barbaade. Interneetiirra galee yeroo kana beeksisu yeroo xiqqoo gidduutti konkolaataa digdama konkolaachisaa wajjin argate. Iintarneetiirra carraa hojii fi daldalaa hedduutu jira. Jireenyi namoota yaadaa fi fedhii hojii qabanii iintarneetiidhaan jijjiirameera. Namootni muuxannoo badaa hin qabne illee biiznasii karaa intarneetiidhaan milkaa'aniiru. Wiilfii fi Kaatiin "Chillis Galore" kan jalqaban "chilli jelly" kushinaa isaanii keessatti

hojjetanii hiriyoota isaaniif kennuudhaani. Eegzibiishinii irratti yeroo dhiyeessan namoota baayyee biratti jaallatamummaa waan argateef karaa iintarneetii gurguruu jalqabani. Har'a wantoonni isaan gurguran dhuma hin qabani. Akkuma durii ammayyuu qaaraa kan dhaaban maasii xixiqqoo lama mana boroo jiran irratti. Priins Chaarlis nyaata orgaanikii karaa intarneetii gurgura. Muka krismaasii illee kara iintarneetii kan gurguru kaampaaniin "Christmas Tree Land" jedhamu jira. Kaampaanin kun kan jalqabe karaa bira dunkaana xiqqoo keessatti. Har'a garuu babal'atee waan ayyaanaan wal qabatu hunda gurguru. (Yaadni yeroon waggaa saddeet ture naa dhufe yaada gaarii ture jechuu dha. Utuu illeettiin na hin danqine ta'ee har'a mootii muka krismaasii ta'uu nan danda'an ture).

Iintarneetii malees biiznasii xiqqoo mana keessatti jalqabuu ni dandeessa. Konkolaataa miiccuu, uffata tokkosuu yookin saree kunuunsuu dandeessa. Artiistii yookin barreessaa ta'uu dandeessa. Ashaangulliitii hojjettee gurguruu dandeessa. Aniitaa Roodik kireemii gogaa kan hojjette kushinaa ishee keessatti. Har'a garuu iimpaayira guddaa ta'uu danda'eera. Akka Pool Niiwumaan gaaraajii keessatti "salad dressing" hojjechuu dandeessa. Pool Niiwumaan salad dressing hojjechuu kan jalqabe akka bashannanaatti (hobby) ture. Har'a kaampaanii guddaa dha. (Bu'aa kaampaanii kanarraa argamu hunda Pool Niiwumaan tola ooltummaaf kenna. Hamma yoonaatti doolaara miiliyoona 150 kenneera. Bashannanaaf wanti jalqabde hamma kana bu'aa buusuu dandeesseetti). Dhugaa dubbachuuf Pool sooressa waan ta'eef fandii argachuuf isa hin yaachisu ture. Haa ta'u malee atis manatti hojjechuu kanati dandeessu wantoonni hedduun jiru. Toora hojii haaraa kan gammachuu sii kennu uumuu dandeessa.

Hojiin ati hojjettu kan ati hin jaallannee fi olaanaan kees kan siif hin taane yoo ta'e hin gungumin. Ilaalcha poozatiivii qabaadhu. Cimii hojjedhu. Namoota hojiin kee waliin wal si barsiisuu wajjin yeroo gaarii dabarsi. Ammayyuu gammachuu argachuu yoo dadhabde jireenya dhuunfaa fi jireenya hojii kee walirraa fageessi. Yeroo dhuunfaa keetti gammadi. Akkas yoo goote gammadaa ni taata.

3. Hin Sodaatin!

Rakkoo mudatu dursii tilmaamii mo'adhu
Ofitti amani
Abjuu fi kaayyoo kee duukaa bu'i
Hin gaabbin
Hin sodaatin
Waadaa seente hin irraanfatin

Bara 2004 keessa qophii televizyinii The Rebel Billionaire jedhu qopheesseen ture. Kutaan inni dhumaa wanta hin eegamne (twist) qaba ture. Mo'ataa qophichaa Shoon Neelsaniif cheekii doolaara miiliyoona tokkon dhiyeesse. Carraa tokkon kenneef: Doolaara miiliyoona tokko fudhachuu yookin saantima ol darbannee yoo mo'e badhaasa isa caalu kan maal akka ta'e hin himamne mo'achuu. Saantimni yeroo ol darbatamu isa inni jedhe ta'uu baannaan homaa utuu hin fudhatin hafa. Cheekichan itti qabe; na harkaa fuudhee ilaale. Gaafa inni natti deebisu harkaa fuudheen kiisii kaawwadhe. Saantiman itti agarsiise.

"Isa kam filatta? Cheekii moo saantima?" jedheen gaafadhe.

Jireenya keessatti filannoo ciccimoo baayyee filanna. Isa kam filata laata?

Shoon baayyee na'eera. Qumaara cimaa dha. Hunda argachuu yookaan homaa dhabuu. "Riichaard, utuu si ta'ee maal filatta turte?" jedhee na gaafate. Akkas jedhee itti himuu nan danda'an ture. "Riiskii fudhachuu nan jaalladha. Riiskii ani fudhadhu garuu riiskii qo'atame dha. Waanan hojjedhu hunda irratti carraa koo hubannaadhaanan ilaala." Ani garuu callisuun filadhe.

Shoon waan murteessu wallaalee asii achi adeemaa ture. Qumaaricha taphachuun nama hawwata. Akka nama cimaatti (cool) akka ilaalamus isa taasisa. Dabalataanis badhaasni hin beekamne sun baayyee guddaa

ta’uu danda’a. Dhumarratti qarshii amma kana darbannaa saantimaa irratti hundaa’ee riiskii hamma kana hin fudhadhu jedhee murteesse. Kaampaanii xiqqoo tokko qaba. Qarshicha fudhatee ittiin babal’isuu danda’a. Jireenya isaa ni jijjiira. Namoota isaaf hojjetanii fi isatti amananis ni gargaara.

“Cheekichan fudhadha” jedhe.

Nan gammade. “Saantima ol haa darbannu utuu jetteetta ta’ee kabajan siif qabu nan dhaban ture” jedheen itti hime.
Filannoo inni filate filannoo sirrii dha. Wanta to’achuu hin dandeenye irratti carraa ofii balaarra buusuun hin malu. Doolaara miiliyoona tokkoo fi badhaasa hin beekamne turre sana isa badhaasne. Badhaasichi ji’a sadiif pirezdaantii Varjin ta’uu dha. Varjin jalatti kaampaanonni 200 waan jiraniif Shoon barumsa baayyee argata. Carraa hin argamne dha.

Yeroo hunda namoota akka Shoon adda waan isaan taasisu nan barbaada. Namoonni Varjiniif hojjetan adda dha. Isaan hoolaa miti; yaada mataasaanii yaaduu kan danda’ani dha. Yaada gaarii dhiyeessu; animmoo yaada isaanii dhaga’uuf qophaa’aa dha. Dandeettii hojjettoota kee hojiirra hin ooshitu taanaan isaan qacaruun maalif barbaachisaree?

Kaampaanii koo keessatti wantin yeroo hunda gochuu yaalu namoonni ofii isaaniin akka yaadanii fi poozatiivii akka yaadan gochuu dha. Dhuguma hundumtuu ni danda’ama jedheen amana. Ofitti amanaa- ni dandeessu jedheen namoota gorsa.
Hin sodaatinaa; garuu immoo riiskii hin taane hin fudhatinaa kan jedhus biraa hin hambisu.

Torbanitti yaada kuma meeqatu namootaan naa dhiyaata; abjuu fi kaayyoo isaaniiti. Gar malee waan baayyataniif yaada hunda dubbisuuf yeroo hin qabu. Hojjetoonni koo dubbisanii kanneen gaarii ta’an natti dabarsu. Warra gaggaarii qofan ilaala jechuu dha.

Yaadni gaaf tokko naa dhiyaate tokko haala gadheedhaan xumurame. Ganaa dargaggeessan ture. Fedhiin waan hunda yaaluu koo xiqqoof malee na ajjeesee oole. Haala nama gaddisiisuun abbaa yaadichaa ajjeese.

Namichi Riichaard Eelis jedhamu footoo ‘maashinii nama balaliisu’ kan ofii isaa hojjete naaf erge. Baallee gurguddaa lamaa fi isa jalatti immoo biskileetii gommaa sadii qaba. Humna kan argatu injinii xiqqoo bakkeerra jirtu irraati. Mataa paayileetii gubbaatti rootarii qaba. Footoo inni naa ergame nama muka gubbaa maashinichaan balali’u agarsiisa. Baruu waanan barbaadeef akka itti hojjetu akka natti argisiisuuuf Riichaardiin afeere.

Yeroo Riichaard dhufu anaa fi Jowaan hiriyoota keenya waliin isa fudhannee gara dirree deemne. Maashinicha gara laanding striippiitti fide. Ariitii dabaluuf baayyee daddaftee peedaalii rukutuu qabda. Achii injinichi rootarii sochoosa. Riichaard maashinicha kan yaale nama lammataa taata naan jedhe. Akkan balali’u garuu hin barbaanne. “Dura itti baruu qabda” naan jedhe.

Namatti tola. Maashinicha irran ba’e. Keebilii swiichii ofirraa qabdu natti kenne. Keebilichi kan qabamu ilkaaniin ciniinuudhaani. Injiniin gaafa jalqabee jedhu utuu qilleensarra hin ka’in dura gadhiifama.

Eelis jalqabi naan jedhe.

Keebilicha afaanitti qabadheen fiigsise. Gar malee daddafee peedaalii rukutaan ture. Injiniin ni ka’e. Ariitii baayyee guddaadhaan fiigsisaan ture. Ariitiin kana caalaa dabaluu hin qabu jedhee yeroon yaadutti dhaabuuf keebilichan ciniine. Wanti jijjiirame hin jiru. Ittuma iyyuu ariitiin dabalaa deeme. Jabeesseen ciniine. Jijjiiramni hin jiru. Ariitiin sa’atiitti maayilii soddoma kan ta’u ture. Yeroon itti dhiyaachaa deemu Jowaan utuu isheen na ilaaltuu nan arga. Battalumaan qilleensa keessan olka’e. Maashinichi na fudhatee ol ka’e. Nan balali’e.

Mukkeen muraasa caalaan ol fagaadhe. Olka'iinsa faana 100 irra gaafan ga'u dhaabbachuu qaba jedheen murteesse. Shiboo isaa qabeen bubuqqise. Injinichi harka na gubullee dhaabbatee lafatti gad na darbate. Akka tasaa bubbeen dhufee maashinicha garagalche. Marga irrattin kufe. Baayyee na'ee yoon tures qaama koorra garuu miidhaa homtuu hin geenye.

Torbee tokko booda Eelis maashinichaan balali'uuf yaale. Maashinichi kufee caccabe; Eelis miidhama irra ga'een du'e.

Du'i Eelis nama gaddisiisa. Namoonni kaayyoo qaban du'uun garuu haaraa miti. Namoonni gaara yaaban ni du'u, Paayileetonni yaalii (test pilots) ni du'u. Ijoollummaa kootti goota waraanaa Daaglaas Beedarin nan beeka ture. Daaglaas adaadaa koo Kleerii wajjin hiriyaa ture. Utuu balaliisaa jiruu balaa isarra ga'een miilli isaa miidhame. Adeemsa akka haaraatti shaakale; balaliisuuttis ni deebi'e. Balaan akka sirra hin geenye yaaluu dandeessa; yeroo hunda of eeggachuu garuu hin dandeessu. Takka takka carraanis murteessituu dha. Wantoonni yeroo ciman waan hojjechuu barbaadan itti dhiisuun salphaa ta'us itti fufuu qabna jedheen amana. Waa hojjechuuf erga murteessanii boodatti deebi'anii gaabbuun hin barbaachisu.

Murtiin ani ittiin yeroo kamuu hin gaabbine tokko prooppozaalii abukaatoon dargaggeessi biyya Ameerikaa tokko naaf dhiyeesse fudhachuu kooti. Barri isaa bara 1984 ture. Eerlaayinii haaraa kan Atlaantikii darbee deemu irratti inveestii akkan godhu ture gaaffichi. Biiznas plaanii isaa utuun hin dubbisin iyyuu fedhiin koo yaadicha duukaa ture. Freedii Laakar, namni ani baayyee ajaa'ibsiifadhu, Skytrain kan jedhamu kan Ingilizii fi Ameerikaa gidduu gatii xiqqaadhaan nama deddeebisu qaba ture. Eerlaayinoonni gurguddoon Gooliyaadiin yoo fakkeeffaman inni immoo Daawwititti fakkeeffama. Karaa qilleensaa imaluu namoonni hedduun akka danda'aniif gatii gadi aanaadhaan deddeebisuu ture yaadni isaa. Haa ta'u malee eerlaayinichi bara 1982 keessa kasaaree ture. Proopozaalicha yeroon dubbisu waa'een Freedii fi Poortoorikootti xiyyaara kireeffadhee innin hojjedhe sammuu koo

keessa deddeebi’aa ture. Qarshii baayyee guddaa waan gaafatuuf yaadichi akka nan hawwanne gochuu yaalaan ture.

Na hawwachuun isaa garuu hin oolle. Yaada na fudhadhu, na fudhadhu jedhu dha.

Waa’ee namootaas ta’e waa’ee yaadotaa daqiiqaa tokko gidduutti waanan yaadu murteessuu nan danda’a. Riippoortii faayila guguddaadhaan naa dhufu caalaa yaada garaa(gut instinct) koo irrattin hundaa’een murteessa. Tarkaanfii balaafamaa ta’us bu’aan isaas immoo akkuma kana hawwataa dha. Sirriitti qorachuufin murteesse. Balaan jiru maal akka ta’e ofii koo madaalee ilaaluun qaba.

Eerlaayiniin gatii rakasaan namoota Atlaantikii qaxxaamuree dabarsu kan biraa jira ture. Maqaan isaa Popular Express jedhama. Bilbiluufiif guyyaa guutuun yaalaa oole. Bilbilli isaanii garuu qabamaa ta’ee naa ba’uu dide; gabaa gaarii qabu jechuu dha. Eerlaayinii isaan caalaa haala gaariidhaan gaggeessuu akkan danda’u nan amane. Guyyaa lamaaf taa’een itti yaade. Sanbata nan murteesse. Hin sodaadhu. Calliseen godhan jedhe.

Wiixata irra Booyiing, kaampaanii Ameerikaa xiyyaara oomishuuf, nan bilbile. Waggaa tokkoof Jamboo Jeetii meeqaan akka kireessanin gaafadhe. Gaaffiin koo isaan yoo dinqes inuma na dhaggeeffatani. Gatii gaariidhaan walii galle. Qorannoo hamman gaggeessuu qabu qoradheera jedheen amane. Yaadicha irratti mari’achuuf warra koo wajjin Varjinitti wal geenye. ‘Maraatteetta, qarshii hamma kana baasuu hin dandeenyu’ naan jedhani. ‘Qarshii keenya callisnee kaa’uu hin dandeenyu; ittiin hojjechuu qabna’n jedhee deebiseefi.

Ammas yaada kootti waan hin gammanneef amansiisuuf yaaluun itti fufe. Varjin miwuzik qarshii baayyee akka galchaa jiruufi qarshiin eerlaayiniif barbaachisu tokko sadaffaa galii varjin miwuzik illee akka hin guunnen itti hime. Qarshii guddaa yoo gaafatus gar malee guddaas miti.

Hunda isaa utuu kasaarreyyuu garmalee hin miidhamnu. “Balaa guddaa hin qabu; nu gammachiisas” jedhee amansiisuun yaale.

Jechi ‘gammachuu’ jettu isaanitti hin tolle. Isaaniif biiznasiin wanta itti gammadan miti. Anaaf garuu biiznasiin lachuu isaati. Gammaduun garuu caalaa barbaachisaa dha. Jireenya koo guutummaatti jiraachuun fedha. Yeroo yerootti hawwii haaraan barbaada. Eerlaayinii koo Varjin Atlaantik jedheen moggaase.

Sar Freedii Laakariin laaqana afeeree waa’ee eerlaayinii koo isa haaraa waliin haasa’e. Muuxannoo waggaa dheeraa waan qabuuf baayyee na gargaare. Rakkoo eerlaayinii haaraa dhaabuurratti nama mudatu sirriitti beeka. Eerlaayiniin isaa utuu eerlaayinoonni guguddaan isa danquu hin jalqabin dura baayyee bu’aa buusa ture. Isaanii wajjin dorgomuuf qarshii baayyee isa barbaachisa. Qarshiin harkaa dhumaa deemee dhaabuuf dirqame. Laaqana irratti Freediin eerlaayinii haaraan haala akkamii keessa akka darbu natti hime. Waan baayyee na barsiise.

Freediin “Briitish eerweeyis karaa qaxxaamuraa hojii keessaa si baasuuf tattaafatu. Ani dogoggorri koo yeroo isaan kana godhan callisuu kooti. Ati garuu hin callisin” jedhee na gorse.

Himannaa hin jaalladhu. Wanta darbeef taa’ee gadduun natti hin tolu. Calliseen hojii koo hojjedha. Amma garuu himannaaf qophaa’uu akkan qabun of yaadachiisuu jalqabe.

Freediin gorsa biraas na gorseera. “Gatii rakasa waan ta’ef hojiin kee gadi bu’aa hin ta’in. Eerlaayinoonni gurguddaan waan narraan ga’an si hin qaqqabin. Gatii rakasaan isa isaan hojjetan caalaatti gaariitti hojjedhu. Namoonni kana barbaadu. Gammadaa ta’uus hin irraanfatin. Carraa gaarii. Hojiidhaan muddamuuf qophaa’aa ta’i.’’

Abbootii taayitaa waliin yeroon haasa’eef gorsi Freedii guddaa na fayyadeera. Eeggannoon (safety) baayyee barbaachisaa ture. Eerlaayinichaaf maallaqa sirriitti qabaachuunis yaaddoo koo biraa ture.

Ibsa maallaqaa (Cashflow) nan hojjedhe. Namoota ciccimoo nan qacare. Waa yeroo milkaa'uu didu tole jedhee hin dhiisne. Hamma milkaa'utti karaa biraan yaalaan ture. Rakkoo kumaatamatu nu mudate.

Briitish Eerweeyis kaampaanii koo kallattiidhaan hojii ala gochuuf hin yaalle. Maqaa koo balleessuudhaan nu kasaarsuu ture kaayyoon isaanii. Sar Freediin mana murtiitti isaan himadhu jedhee na gorse. Manni murtii anaaf murteessee Briitish Eerweeeyis balleessaa maqaa balleessuudhaan (libel) adabe.

Bara 1984 Varjin Atlaantik yeroo eegalu waggaa tokko caalaa hojjechuu danda'a jedhee kana mane hin turre. Abbootiin eerlaayinoota gurguddoo Ameerikaa ni kasaara jedhanii na eegaa turan. Isaan amma kasaarani hojiirra hin jiran. Ani garuu kunoo ammayyuu hojjechuu itti fufeera.

Hin sodaadhu; garuummoo gowwaa miti. Eerlaayinii dhaabuun riiskii qaba. Haa ta'u malee carraa gaariitu ture. Carraan kun immoo akka isa kan The Rebel Billionaire hunda argachuu yookis homaa dhabuu miti. Shoon darbannaa saantima tokkorratti hundaa'ee hunda dhabuu yookin hunda argachuu danda'a ture. Carraa akkasii yaaluu diduun gootummaadha.

Hojiin koo itti aanu Toora Baaburaa Varjin (Virgin Train) bara 1996tti dhaabuu ta'e. Yaadni isaa kan naa dhufe Jaappaan yeroon turetti. Jaappaaniin kanan deeme lafa itti meegaastoorii ijaarru barbaacha dha. Baabura rasaasa (bullet train) keessa teenyee yeroo deemnu dinqisiifachaan ture. Xiyyaaraan deemuu wajjin wal hin caalu.

"Ingiliz keessa baaburri akkasii maalif hin jiraatu?" jedheen yaade. Akkan hin irraanfanneef dabtara yaadannoo koo baaseen barreesse. Carraanis na faana ture. Torban tokko booda mootummaan Ingiliz baabura durii (British Rail) hambisuuf baaburri siistamii haaraa akka waliin dorgoman akka taasisu ibse. Dafee akkan fedhii qabu ibse. Gaazexaadhaan Varjin baabura jalqabuuf akka ta'e gabaasame. Baayyee ajaa'ibsiifatani.

Akkuma gaafa eerlaayinii jalqabnee namoonni tokko tokko hin milkaa'an nuun jechaa turani. Waggaa shan nutti fudhatus milkaa'uun keenya garuu hin oolle. Baabura addunyaa hunda caalaa ammayyaa oomishne. Haati manaa koo Jowaan 'Virgin Lady' jettee moggaaste. Yeroo sanatti hadiidonni Ingiliz keessa jiran ariitii baabura keenyaa gituu hin dandeenye. Hunda caallee deemne. Isa waadaa seenee turre hojiirra akka oolchine televizyiniin ni gabaafame.

Yeroo hunda waadaa kabajuun yaala. Karoora baaseen akka karoorichaatti hojjedha. Milkaa'inni carraa qofa hin gaafatu. Ofitti amantee hojjettee immoo agarsiisuu qabda. Namoonni si amanuu kan danda'an akkas yoo ta'e qofa.

Yeroo tokko tokko yaada biiznasii naa dhiyaatan nan dida. Eerlaayinii Riyaaneer jedhamu irratti investii akkan godhu gaafatamee beeka. Ani garuu nan dide. Riyaaneer amma haala gaariirratti argama. Trivial Pursuit fi Wind up Radio irratti investii gochuuf yaadni naa dhiyaatees didee beeka. Isaan kun lachan yaada baayyee gaarii turani. Maqaa Looyid ta'uuf yaada naa dhiyaates nan dide. Looyid kaampaanii inshuraansii guddaa dha. Inshuraansiin isaanii balaawwan gurguddaa kanneen akka kirkira lafaa omomboleettii (hurricane) kan ilaallatu dha. Isa diduun koo murtii gaarii dha. Qarshii baayyee na galaafata ture.

Isa kaan ni moota; isa kaan ni mo'amta. Gaafa mootu gammadi. Gaafa mo'amtu teessee hin gaabbin. Bishaan darbe hin waraabani. Isa darbe jijjiiruun hin danda'amu. Kanaafuu ani yeroo hunda isa darberraa barumsa argachuun yaala. Namni hundi eerlaayinii yookis baabura ijaaruu hin danda'u. Abjuun kee gar malee guddaa ta'uu dhiisuu danda'a. Abjuun kee maaliyyuu yoo ta'e garuu itti du'i. Riiskiin jiru baayyee carraa irratti kan hundaa'uufi tilmaamuuf kan hin dandeessisne akka hin taane eeggadhu. Haa ta'u malee kana yaadadhu: Jireenya riiskii hin qabne jiraachuu feeta taanaan mo'achuu hin dandeessu.

4. Chaaleenjii Of Godhi

Guddaa yaadi
Wanta haaraa yaali
Yoomiyyuu yaali
Chaaleenjii of godhi

Namni kamiyyuu waan itti aggaamu qabaachuun dirqama. Chaaleenjii jettee waamuu dandeessa; kaayyoo yookis waan biraa jettee waamuu dandeessa. Dhala namaa kan adda nu taasisu kana dha. Holqa keessa jiraachuurraa gara pilaaneetota biraa deemuutti kan nu ceesise chaaleenjii dha.

Yeroo mara chaaleenjii of goota taanaan ni guddatta. Jireenyi kee ni jijjiirama. Ilaalcha poozatiivii qabaatta. Lafa yaadde ga'uun salphaa miti; kun garuu abdii si kutachiisuu hin qabu. Harka marattee hin taa'in. 'Hojjechuu nan danda'a. Hamman milkaa'utti yaaluu hin dhiisu' jedhii ofitti himi.

Akka ilaalcha kootti chaaleenjii gosa lamatu jira. Tokkoffaan hojii koo hamman hojjechuu danda'u hojjechuu dha. Lammaffaan waan haaraa (adventure) barbaaduudha. Ani lachuuyyuu nan jaalladha. Hamman danda'u humna koo guutuun nan yaala. Fedhiis qaba. Waan haaraa yaaluun of chaaleenjii gochuu baayyeen jaalladha. Jireenya kootti gammachuu kan naaf kennu kana dha.

Chaaleenjiin koo inni jalqabaa yeroon mucaa waggaa afurii yookin shanii ture na quunname. Bona torbee lamaaf anaa fi maatiin koo Deevaniin deemne. Achitti bishaan daakaa yoon barbaades dandeettii isaa garuu hin qabun ture. Adaadaan koo Jooyis duma torbee lamaatti utuu manatti hin deebi'in dura daakaa hin bartu jettee qarshii kudhan naa qabsiifte. Nan bara jedhee waanan amaneef nan qabsiise. Yeroo baayyee bishaanichi rakkisaa, bubbeenis cimaa ture. Ani garuu guyyaatti sa'atii dheeraaf shaakaluu hin dhiisne. Guyyaa guyyaatti harkaa fi

miillaanin borce. Qorri na rakkisus, bishaan afaan na lixee na ijibbaachisus inuman itti fufe.

Hin dandeenye. Adaadaan koo Jooyis, “rakkoo hin qabu. Waggaa itti aanutti ni dandeessa” jettee na jajjabeessite.

Qumaaricha nan nyaatame. Waggaa itti aanu akka isheen irraanfattu nan beeka. Manatti galaa yeroo turre karaa foddaa konkolaataa achi ilaalaan darbe. Utuun bishaan daakaa danda’eera ta’ee baayyeen barbaada ture. Mo’amuun koo baayyee na aarse. Guyyichi guyyaa ho’aa ture. Bara 1950 keessa immoo karaan konkolaataa dhiphaa ture. Utuu suuta jennee deemnuu lagan fuuldura keenyatti arge. Ammayyuu mana hin galle waan ta’eef carraa qumaaricha nyaachuu qaba. Carraa koo isa dhumaa yaaluufin murteesse.

‘Konkolaataa naa dhaabi’ jedheen iyye. Warri koo waa’ee qumaarichaa beeku. Abbaan koo konkolaataa karaarraa siqsee dhaabee “maal barbaadde?” jedhee na gaafate.

“Riikiin qarshii kudhanicha harka gashachuuf carraa isaa isa dhumaa yaaluu barbaada” jette harmeen koo.

Konkolaataa keessaa bu’ee ariitiidhaan wayyaa ofirraa baaseen lagichatti fiige. Itti dhiyaachaa yeroon deemu nan sodaadhe. Qarqara lagichaarra iddoo dhoqqaa’aan saawwan bishaan irraa dhugan nan arge. Karaa sanaan bishaanicha seenuun ni salphata. Garagalee yeroon ilaalu maatiin koo hundinuu konkolaataarraa bu’anii dhaabatanii na ilaalaa jiru.

Harmeen koo seeqaa harka natti bal’iste. “Riikii, ni dandeessa”, jettee na jajjabeessite.

Dhoqqicha keessa darbeen bishaan seene. Gara gidduutti yeroon dhiyaadhu bishaanichi humna koo ol ta’e. Na fudhate; hafuura fudhachuun natti cime. Akka tasaa garuu ol ba’een asii gadi daake.

Akkan danda'u nan bare. Miilla tokko dhagaarra kaa'adheen dhiibe. Sirriitti yoo ta'uu baatus daakuun danda'e. Qarshii kudhan sana nan mo'adhe. Maatiin koo qarqararra dhaabatanii harka naa rukutaa turani. Bishaan keessaa yeroon ba'u baayyee dadhabus ofitti boonaan ba'e. Adaadaan koo Jooyis qarshii kudhan naa laatte.

"Kormee, akkati dandeessu nan beeka ture" naan jette. Akkan danda'u waanan amaneef hamman mo'adhutti hin dhiisun ture.

Wanti baayyee na rakkisu tokko dubbisuu ture. "Dyslexic" waanan ta'eef barumsi na rakkisa ture. Mo'amuu waanan hin jaallanneef yoon cimsee yaale iyyuu dubbisuu fi barreessuun na rakkisuu hin dhiisne. Kan nama dhibu garuu fedhiin koo gaazexessaa ta'uu ture, hojii dubbisuu fi barreessuu sirriitti gaafatu. Manni barumsaa keenya dorgommii dubbisa (essay) barreessuu yeroo qopheessu anis dorgomuufan galmaa'e. Nan mo'e. Mo'uun koo namni isa hin dinqisiifne hin turre. Ani barataa yeroo baayyee qormaata waanan kufuuf reebamun ture; haa ta'u malee dorgommii dubbisa barreessuun tokkoffaan ba'e. Baayyeen gammade.

Harmeen koo akkan mo'e gaafa dhageessu silayyuu akka mootu nan beeka ture naan jette. 'Hin danda'u' jechi jedhu afaan ishee keessaa ba'ee hin beeku. Yaallaan wanti hin danda'amne hin jiru jettee amanti.

Guyyaan dorgommicha mo'adhee kaasee barumsatti cimaan deeme. Jechoota ciccimoo yaaluun jalqabe; sirna qubee (spelling) eegee barreessuus danda'aan deeme. Yaallaan wanti hin danda'amne hin jiru. Ani of chaaleenjii gochuu dhiisee hin beeku. Dorgommii dubbisa barreessuu ergan mo'adhee booda barruu Istuudant nan hundeesse. Ani barataan dur dubbisuu fi barreessuu dadhabuudhaan reebamaa ba'e abbaa Barruun ta'e.

Umriin koo dabalaa yeroo deemu chaaleenjiinis waliin guddachaa deeme. Adveenchariin barbaaduu jalqabe. Balaan jiraachuun ittumaa na hawwata. Perii wajjin Atlaantikii afuuffeedhaan qaxxaamuruudhaan

warra jalqabaa taaneerra. Itti aansinee galaana Paasifikii Jaappaan irraa gara Ameerikaatti qaxxaamuruuf murteessine. Galaanarra maayilii 8000 waan deemamuuf balaan nama mudachuu danda'a. Kanaan dura namni kana gochuu danda'e hin jiru. Namichi kana gochuuf utuu yaaluu du'e akkaa jirus quba qabna. Afuuffeen jalaa tarsa'ee galaanicha cabbaa'aa keessa isa buuse. Obomboleettii cimaan waan tureef dafanii isa qaqqabuu hin dandeenye. Qorri isa ajjeese.

Jowaan akkan deemu hin barbaanne; anis immoo baayyee sodaadheen ture. Garuu waadaa seenee waanan tureef deemuufin qophii jalqabe. Kana booda hafuu waanan hin dandeenyeef akka carraan koo na godhen ta'a jedheen murteesse. Sammuun koo hin deemin jedha; onneen koo deemi jedha. Balaan akkamii yoo jiraachuuf male iyyuu deemuu akkan qabun amane. Jowaanis kana naa hubatteetti natti fakkaata.

Deemsa addaa akka ta'u nan beeka. Ani gartuudhaan taphachuun jaalladha; namootarras abdii guddaan kaa'adha. Per immoo callisaa fi kophaa ta'uu kan jaallatuufi namoota badaa kan hin amanne dha. Amalli keenya faallaa walii waan ta'eef garee bayeessa taana jedheen abdadhe.

Barri isaa 1990 ture; Utuu hin deemin dura maatii koo wajjin odola xiqqoo naannoo Jaappaanitti argamtutti ayyaana krismaasii wajjin kabajne. Yeroo baayyee namatti tolu dabarsine. Namoota allaattii madaqsanii ittiin qurxummii qabanin arge. Jireenyi isaaanii suuta jedhaa fi callisni isaa kan nama hawwatu dha. Jireenya koo utuu arganii maal jedhu laata jedhee yaaadaan ture. Anaan kan asii fi achi na fiigsisu chaaleenjii barbaachuu dha.

Karoorri keenya jeett striimii kan olka'iinsa faana 20,000 fi 4000 gidduu lafarra naanna'aniin galaanicha qaxxaamuruu ture. Ariitiin isaanii akka ariitii bishaan lagaati. Ariitii sanaa gaditti humni bubbee badaa miti. Rakkoon jiru hojjaan afuuffee keenyaa faana 300 ta'uu isaati. Jeet striimiin yeroo ka'u gubbaa fi gajjallaan afuuffee ariitii adda addaan socho'uu danda'u. Balaan uumamuu danda'a.

Booda yeroo dhabnee akka hin rakkanneef paaraashuutii keenya uffannee teenye. Itti fufnee ho'a kennineefi. Yeroo olka'aa deemnu fiixeen afuuffee gajjallaa jeett istriimii tuqe. Kana caalaa akka olka'uuf ho'a yoo daballeefis qilleensi isaa jabaa waan ta'eef gad nu dhiibuu malee dide. Ho'a itti dabaluu itti fufnee dhumarratti milkoofne. Fiixeen afuuffee kaarentii saffisaadhaan tuqamee akka rookkeettii balali'e. Kallattii adda ta'een saffisa sa'aatiitti maayilii 115 fiige. Kaapsulii nuyi keessaa jirru immoo sa'aatiitti maayilii 25 fiigaa ture. Farden kumni asii asiin nu harkisaa waan jiran fakkaata ture. Afuuffeen bakka lamatti tarsa'ee kaapsulii keenyaa wajjin bishaanitti akka hin dhumne yaaddofne.

Akka tasaa garuu kaapsulichi daawwitii keessa oldarbee ofiisaa sirraa'e. Peer "kana dura namni kana godhee beeku hin jiru" jedhe.

Ariitii guddaa kanaan dura arginee hin beekneen balaliine. Sa'atii torba booda yeroo itti taankii boba'aan keessaa dhume itti darbannutu ga'e. Kana gochuuf dura jeett istriimii keessaa ba'uu akka wayyu murteessine. Kaapsulichi akka fireeniitti gargaaraa ture; afuuffeen garuu itti maxxaneema jira. Galaanichi olka'iinsa faana 25,000 irra jiraannus ammayyuu sirriitti mul'ata; keessa akka hin buunen sodaadhe.

Peer taankicha isa boba'aa hin qabne darbachuuf tuqe. Kaapsulichi bitaaf mirgaan sosocho'e. Lafti isaa wal caalee Peer irratti na kuffise. Taankiin boba'aa qaban lamaa fi inni duwwaan tokko lafatti kufuu isaanii gaafa arginu lafa lixnu wallaalle. Ulfaatinni isaanii toonii tokko tokko ture. Madaallii dhabuu qofa utuu hin ta'in ammammoo boba'aa waan hin qabneef olka'iinsa keenya kan to'atuu fi haala qilleensaa wajjin kan wal simsu hin jiru jechuu dha. Ameerikaa ga'uu hin dandeenyu jechuu dha. Tooniin sadii irraa gaafaa salphatu afuuffeen qilleensa keessa ol bade. Peer qilleensa hamma danda'e keessaa hir'isus oluma ka'aa deemne.

Olka'iinsa faana kuma afurtamii sadii olitti deemnaan kaapsulichi akka dho'u, sombaa fi iji keenya akka qilleensaan nu jalaa baatu akeekkachiifamnee turre. Faana 41,000 yeroo geenyu waan hin beekne argine. Olka'iinsa sodaachisaa faana 42,000 irra geenye. Maal akka taanu hin beeknu. Koonkord irraa kan hafe afuuffee mitii xiyyaarri olka'iinsa hamma kana ga'e hin jiru. Xiqqoo turee olka'iinsi keenya

dabalaa deemuun ni hafe. Afuuffeen qabbanaa'aa dhufee ariitiidhaan gad nu buusuu eegale. Boba'aa dhabuu barbaaduu baannus akka hin kufneef jecha dirqama nutti ta'e.
Nama nu baasu waan hin qabneef galaana keessa qubachuu hin dandeenyu. Gara sa'atii soddomaa boba'aa xiqqoodhaan itti fufuu qabna jechuu dha. Lafa qubachuuf ariitii kanaan dura afuuffeen kamiyyuu deemee hin beekneen deemuu qabna jechuu dha. Kana jechuun walakkaa jeett istriimii turuu qabna jechuu dha. Baayyee cima. Caalaatti mogoleen kan nu bu'e koontaaktii reediyoo gaafa dhabnu dha. Sa'atii baayyee waan deemneef Peer baayyee dadhabee ture. Akka ciisuu ta'ee takkaatti hirribni isa fudhatee bade. Qofaa koon ta'e. Waaqatti hin amanu; guyyaa sana garuu akka ergamaan dhufee kaapsulii keenya seenee nu gargaareetti natti dhaga'ame. Ariitiin keenyaa garmalee dabalaa deemuun arge. Abjuu abjoochaa akkaan hin jirre mirkaneeffachuuf ofin kabale. Ariitiin keenya sa'atiitti maayilii 80 irraa gara 180, achii 200, itti fufee 240 ta'e. Waan akkanaa dhaga'amee hin beeku; dinqii dha.
Qaamni koo baayyee dadhabeera. Ifa wayii gaafan argu afuurotan se'e. Akka nama abjootaa jiruuttan ilaale; gaaziin gubachaa akka jirun bare. Teempireecharri bakkee nagatiivii torbaatama dha. Ibiddi xiqqoon daawwitichatti buunaan barbadaa'uu keenya.
"Peer, ka'i! ibiddi nu fixuufi" jedheen iyye.
Peer battaluma sana utaalee ka'e. Maal gochuu akka qabnu inni beeka. "Olka'iinsa faana kuma afurtamaatti ol geessi; achi oksijiniin waan hin jirreef ibiddi ni dhaama" naan jedhe.
Olka'iinsa faana 43,000 yeroo geenyu ibiddi ni dhaame. Deebinee gadi bu'uutti kaane. Haa ta'u malee boba'aa of jalaa fixneerra. Reediyoon deebi'ee hojjete. Gaazexessaan "Naannoo galfiitti waraanni jalqabeera. Ameerikaan Iraaqiin boombiidhaan reebaa jirti" jedhee gabaase. Utuu nuyi gara fiixee hawaarra jirruu lafarratti waraanni eegaluun isaa na dhibeera.
Namoonni keenya lafa jiran jeett istriimiin keenya akka naanna'e nutti himani. Jaappaanitti nu deebisa jechuu dha. Kanaafuu jeett istriimii gadaanaa Arkitikiitti nu geessu argachuu qabna jechuu dha. Olka'iinsa faana 30,000tti ariitii sa'atiitti maayilii 200 ta'een sa'atii baayyeef

balaliine. Dhumarratti naannoo Kaanaadaa cabbii irra qubanne. Bal'inni lafichaa lafa Briiteen dachaa 200 ni ta'a. Baayyee fagoo waan tureef dhufanii nu fuudhuuf sa'atii saddeet guutuu itti fudhate. Yeroo isaan nu bira ga'an cabbii taaneerra.

Peer "yeroo itti aanu addunyaa guutummaarra balaliina" naan jedhe. Itti kolfus chaaleenjii diduu akkan hin dandeenye beeka. Waggaa lama booda yaallus ni dursamne. Amma kanin karoorsaa jiru Varjin Gaalaaktikiidhaan hawaarra deemuu dha.

Barreessaa fi gaara yaabuudhaan beekamaa kan ta'e Jeems Uulmaan jecha inni dubbatetti baayyeen walii gala: "Wanti dhalli namaa hojjetu kamiyyuu chaaleenjii sababeeffateetu. Galaana yoo ta'e ni ceena; dhukkuba yoo ta'e ni fayyisna. Dogoggorri yoo jiraate ni sirreessina. Riikardii yoo ta'e ni cabsina. Gaara yoo ta'e ni yaabbanna." Jechan guutummaatti itti walii galu dha. Hundi keenyayyuu yeroo hunda chaaleenjii of gochuu qabna.

5. Of Danda’aa Ta’i

Mataa kee danda’i
Abjuu qabaadhu garuu kan dhugaarratti hundaa’e haaa ta’u
Namootaa wajjin hojjedhu

“Aannan barbaaddee jennaan dombii keerra teessee saawwi hamma dhuftee sii elmamtutti hin eegin.” Mammaaksi kun kan harmee koo utuu ta’eera ta’ee nan dhibu ture. “Riikii, callistee hin taa’in; dhaqii saawwittii barbaadi” jettee akka itti dabalatus nan amana.

Reesippiin Raabit Paayii ittiin qopheessan tokko ‘duraaan dursa illeettii qabi’ jedhee jalqaba. ‘Jalqaba illeettii biti’ yookin ‘hamma namni siif kennutti eegi’ akka hin jenne hubadhu.

Barumsi akkasii yeroo ijoollummaa koorraa kaasee hrmeen koo naa kennite amma of danda’aa akkan ta’u na taasiseera. Ofii koon akkan yaaduu fi hojjedhu na shaakalsiisaa na guddisani. Biyyi keenya Ingiliz dur kanaan beekamti turte. Har’a garuu baayyeen waan hundi qophaa’ee akka kennamuuf barbaadu. Maatiin baayyeen akka maatii koo yoo ta’an gara fuulduraatti akka durii milkaa’inatti deebi’uu dandeenya.

Yeroon mucaa waggaa afurii ture harmeen koo konkolaataa maayiloota muraasa manarraaa fageessitee dhaabdee ofii kee gali jettee na gattee deemte. Anaaf kun tapha gaarii naa ta’e. Chaaleenjii isheen naa keesse isa duraati. Umriin koo dabalaa yeroo adeemu isheenis chaaleenjii guddaa naa kennaa adeemte. Ganna keessa gaaf tokko barii halkaniin hirribaa na kaastee uffata jijjiirradhu naan jette. Lafti duukkanaa’aa, qilleensi isaa qorraa yoo ta’es hinuman ka’e. Nyaaata saaniitti naa hiitee appilii wajjin naa kennite. Biskileeta koo qabadhee yeroon gara kibbaatti qaajeelu ‘bishaan lafa argattu hin wallaaltu jedheen yaada’ jettee gargar baane. Yeroon deemsa eegalu lafati ammayyuu hin ifne ture. Guyyaaa guutuu deemaa ooleen galgala mana firaa deemee bule. Borii isaa yeroon manatti deebi’u baayyee ofiin boonaan gale. Harka naa rukutaa na eegun se’e. Harmeen koo garuu “Gaarii dha Riikii. Sitti toleera mitii? Amma deemii qeesiifaaf muka muri” naan jette.

Namoonni tokko tokko kun gara-jabina dha jechuu danda'u. Maatiin keenya garuu maatii baayyee wal-jaallatu dha. Warri koo ijoollee jajjaboo fi of danda'oo akka taanu godhanii nu guddisani. Abbaaan keenya baayyee nu waliin dabarsus isa caalaa garuu harmee keenyatu waan baayyee akka yaallu nu godhe. Waa'ee biiznasii fi waa'ee maallaqaa kanan baradhe isheerraati. Jechoota akkasii isheerraan bare: "Kan mo'e hunda dhuunfata-The winner takes it all)", "Abjuu kee biraa hin hafin- Chase your dreams". Yeroo hunda mo'achuun akka malu ijoollee barsiisuun sirrii miti. Addunyaa kanarraatti takka takka mo'amuun waan hin hafne dha.

Yeroon dhaladhe abbaan koo reefuu hojii seeraa waan jalqabeef qarshiin isaan hanqata ture. Harmeen koo teessee hin gaddine. Kaayyoo lama qabdi turte. Inni tokkoffaan anaa fi obboleettan koo waan hojjennu nuu kennuu dha. Mana keenya keessatti hojiii hiikuun ni balaaleffatama. Kaayyoon harmee koo inni lammaffaan karaa itti qarshii argachuun danda'amu barbaaduu dha. Mana keenyatti yeroo irbaata nyaannu waa'een biiznaasii ni haasa'ama ture. Maatii baayyeen waa'ee hojii isaanii ijoollee biratti akka hin haasofne beeka. Rakkoo isaan mudatu ijoolleetti hin himani. Haala kanaan ijoolleen bu'aa qarshii utuu hin barin hafti jedheen amana. Kanaafuu booda yeroo guddatan rakkoo keessa galu. Nuyi garuu hunda arginee guddanne. Anaa fi obboleettiin koo Liindiin harmee keenya piroojaktii isheerratti ni tumsina turre. Baaayyee nutti tola ture. Maatiin keenya gareen akka hojjennu nu taasise.

Warra koo caalaa qabaadhus, anis ijoolee koo Hoolii fi Saam hamma naa danda'ametti haala kanaanan guddise. Seeronni harmee koo gaarii fi yeroo hunda kan hojjetan waan ta'eef Hoolii fi Saam bu'aa qarshii baraniiru jedheen yaada.

Harmeen koo saanduqa xixiqqoo sooftiin keessa taa'uu fi mi'a waraqaan keessatti gatamu hojjetti turte. Kan hojjettu manuma keessatti yoo ta'u ishee gargaaruun ga'ee keenya ture. Qalama dibnee tarreessinee keenya. Haarood isaan bituu yeroo eegalu gabaan argame. Harmeen koo barattoota Jarmanii fi Faransaayiif kaffaltiidhaan tajaajila ni laatti turte. Cimanii waan jaallatan hojjechuun amala maatii keenyaati. Adaadaan koo Kleer hoolota gugurraattii Weels baayyee jaallatti. Gaaf tokko kaampaanii shinii fakkiin hoolota kanaa irratti kaafame oomishu jalqabuuf murteessite. Dubartoota ollaa walitti qabdee jalqabsiiste. Har'as kaampaaniin kun akkuma duraa galii baayyee gashuu itti fufeera.

Waggoota hedduu booda gaaf tokko Kleer naa bilbiltee “hoolaan koo tokko sirbuu barte” naan jette. Ani itti hin kolfine. Yaadni ishee yeroo hunda adda dha. Teeppii qabadheen hoolaa ishee hordofee waraabe. “Baa Baa Black Sheep” baayyee jaallatamuu isaan kan ka’e biilboordiirraa afuraffaa galuu danda’eera.

Industrii xiqqaa irraa ka’eeni kanan kaampaanii intarnaashinaalii qabaadhe. Akkuma guddinni isaa dabalu riiskiinis dabalaa deeme. Yaadaa fi karoora koo irratti sodaa malee amanuutu narraa eegama. Yaada namoota hundaa dhaga’us ofii koottin amana; ofin danda’a. Ofitti amanuu kanan dadhabee ture si’a tokko qofa dha. Bara 1986 kaampaaniin Varjin kaampaanota gurguddaa Ingiliz keessaa tokko ture. Hojjettootta gara kuma afurii qaba; bara isa darberraa kan barichaa gurgurtaan isaa parsantii jaatamaan caale. Namoonni baayyeen sheerii kaampaanii keessaa akkan gurguru na gorsani. Shirkoonni koo lama garuu dhiisi jedhanii na gorsani. Amala koo sirriitti beeku; to’annaa kee jalaa ba’uun siif hin ta’u naan jedhan. Baankaroonni garuu sheerii akkan gurguru na gorsani. Kaappitaalli kee ni dabala jedhani. Kaampaanota akka Bodii Shooppii fi Sook Shoopp kan sheerii gurguranii milkaa’an fakkeenya naa kennan.

Baankaroota amaneen yaada koo jijjiire. Varjiniin Stook Eekscheenjiittin baase. Sheerii bitachuuf namoota gara kuma torbaatamaatu kara mana poostaa bitate. Warri dafanii hin binne qaamaan yeroo dheeraaf hiriiranii bituuf dirqaman. Namoota hiriiranii turan irra deemee akkan nutti amanuu isaaniif galateeffadhe hin irraanfadhu. Wantoota akka “Barana bashannanaaf hin deemnu; qarshii ol kaa’anne hunda Varjinitti investii goone” fi “Riichaard, sitti amannee as ol kaa’achuuf murteessine” jedhan yeroon dhaga’u baayyeen boone.

Sheerii keessaa gurguruu kootti kanan gaabbe utuu badaa hin turini. Akkaataa itti biiznasiin hojjetamu nan jibbe. Dur shirkoota koo wajjin bidiruufaarratti wal arginee haasa’aa baandii kam akka mallatteessisnu mari’anna turre. Amma garuu boordii daarektarootaa gaafachuun qaba. Baayyeen isaanii waa’ee biiznasii muuziqaa homaa hin beekani. Sirbi baayyee jaallatame halkan tokkotti miiliyoona meeqa akka gashu hin beekani. Wal ga’ii boordiif torbee afur eeguun dirqama. Yeroo wal-geenyu sirbitoota sana kaampaanii biraan nu dursee mallatteessee nu eega. Tokko tokko immoo waan isaan jedhaan nama ajaa’iba. Fakkeenyaaf: “Rooliing Stoonsiin mallatteessuu? Haati manaa koo hin jaallattu.” “Jaaneet Jaaksan? Eenyu isheenimmoo?”

Ani yeroo hunda kanan waa murteessu daddafee sammuu koodhaan maria'dhee ture. Gaafa sana garuu ofin dadhabse. Sana booda akka nama of danda'aatti of ilaaluu hin dandeenye. Galiin keenya dachaadhaan dabalus sheeriin nu harkaa ba'e. Jireenya koo keessatti yeroo duraaf diippreeshinii keessan seene. Stookmaarkeetiin ni bu'e. Balleessaa koo ta'uu baatus namoota sheerii bitatan akkan yakketti natti dhaga'ame. Warra sheerii bitatan keessaa kaan maatii, hiriyootaa fi hojjettoota kooti. Baayyeen isaanii garuu maatii akka warra qarshii ol kaa'atan hunda nurratti investii godhaniiti. Eenyuun iyyuu utuu hin mari'atin murtii mataa koorran ga'e. Sheerii hunda isaanii qarshii dura itti bitaniinin deebisee irraa bita. Hamma kana kaffaluun narraa eegamuu baatus namoonni abdii natti gatan miidhamuu isaanii mannaa jedheeni. Paawundii miiliyoonni dhibbaaf saddetamii lama kiisii koo keessaa ba'us maqaa koo fi bilisummaa koof jechan godhe.

Guyyaa Varjin deebi'ee kaampaanii dhuunfaa ta'e akka waanan afuuffeedhaan yookin bidiruudhaan iddoo gaarii qubadhetti natti dhaga'ame. Ba'aa guddaatu narraa bu'e. Jireenya mataa koo irratti ofiin murteessuuttin deebi'e.

Ofitti nan amana. Harka hojjetutti, sammuu yaadutti, onnee jaallatutti nan amana.

6. Yeroo Ammaaf Jiraadhu (Live the Moment)

Jireenya kee jaalladhuu gammadaa jiraadhu

Yeroo qabdutti gammadi

Jireenya kee taa'ii madaali

Sekondii hundatti fayyadami

Hin gaabbin

Barri isaa 1997 ture. Dorgommii afuuffee qilleensa ho'aadhaan (hot air balloon) addunyaa naanna'uutu gaggeeffamaa ture. Anis dorgomaan ture. Ijoollee koof xalayaa akkas jedhun barreesseefi. "Ijoollee koo, jireenya keessatti waan ta'u hin beekani. Nama har'a kolfee taphatutu bor du'ee argama. Akkuma beektan ani jireenya koo gaabbii malee jiraachuun fedha…"

Xalayicha kanan barreesse waan ta'u hin beekan jedheeni. Bariidhaan Marraakeesh, Moorookoodhaa baane. Sa'atii kudha lama booda gaara Atlaasitti duunee akka hin badne sodaanne. Namni gaafa du'uuf jedhu jireenya isaa kana duraatu itti mul'ata jedhu. Anaaf kun dhugaa hin turre. Wanti ani yaadaa ture kana keessaa yoon lubbuudhaan oole lammaffaa akkan kana deebi'ee hin goone dha. Halkan guutuu afuuffee keenya ol kaasuuf yaalaa turre. Lafti yeroo bari'u milkoofnee gara gammoojjiitti geeffanne. Achii suuta jennee rakkoo tokko malee qubachuu dandeenye.

Lafatti yeroo dhiyaannu aduun lafichatti yeroo baatu ilaalee bareedina isaa dinqisiifachaan ture. Guyyaa kana nan erga jedhee hin yaanne ture. Wanti ani argu hundi natti bareede. Aduun ba'aa jirtullee isa yeroo kaaniirraa adda natti taate. Wanti itti dhama'an waan salphaatti argatan caalaa akka mi'aa'u na barsiise. Haala keessa jiranitti yeroo hunda gammaduun akka malun irraa baradhe.

Afuuffee baayyee waanan jaalladhuuf kan mataa koo tokko qaba. Afuuffee xiqqoo baskeetii of jalaa qabdu dha. "Around The World In 80 Days" fiilmii jedhurra ishee jirtu fakkaatti. Yeroo baayyee maatii fi hiriyoota koo ittiin fuudheen deema.

Iddoon akkas sammuu koof nagaa kennu hin jiru. Gaafan ittiin balali'u uumamaa wajjin tokko akkan ta'etu natti dhaga'ama. Namni bibilee na jeequ hin jiru; namni na dhowwu hin jiru. Bilisan ta'a. Magaalaa asii gadi ilaalta. Allaattii wajjin balaliita; Joobira ija keessa ilaaluu dandeessa.

Afuuffeedhaan balali'uun taa'ee jireenya koo akkan madaalu na gargaareera. Lafa yeroon jiru jireenyi koo fiigichaan kan guutame dha. Yeroo tokko tokko yeroo mataa keenyaaf qabaachuun barbaachisaa dha. Utuu homaa hin hojjetin xiqqoo taa'uun gaarii dha. Yeroo itti teenyee yaannu arganna. Sammuu keenyas qaama keenyas ni haaressa. Yeroo baayyee qurxummii-qabdoota ani Jaappaanitti arge yaadatti na dhufu. Tattaafachuun uumamni waan nuu kennite dha. Kan isaanii garuu adda natti ta'e. Qurxummii qabanii maatii isaanii sooruun isaaniif gahaa ture. Iimpaayera qurxummii-qabdootaa ijaaruu hin barbaadani. Hamman beekutti afuuffeedhaan Paasifikii qaxxaamuruu yookis Eevarastiin yaabuun dhimma isaanii miti. Guyyicha akka dhufetti isa simatu. Kanaaf natti fakkaata kan sammuun isaanii boqonnaa argatu.

Akkoon koo nama jireenya sirriitti jiraatte dha. Umrii waggaa saddeettamii sagaliitti nama qormaata daansii Laatinii sadarkaa dhumaa darbe lammilee Ingiliz keessaa ishee hangafa taate. Waggaa sagaltamatatti boolla golfii takkaatti rukutuudhaan ishee hangafa taate. Barachuus hin dhaabne. Umrii naannoo sagaltamii shaniitti kitaaba Steefan Hookiing "A Brief History of Time" jedhu dubbistee fixxe. Namoota muraasa kitaabicha hamma dhumaatti dubbisanii fixan keessaa tokko taateetti jechuu dha. Umrii waggaa sagaltamii sagaliitti uffata bishaan daakaa qofaan bishaanirra Jamaayikaa deemteetti. Kunis du'a ishee torban muraasa dura dha. Ilaalchi ishee jireenya kana al tokkittii waan jiraannuuf hamma qabnutti fayyadamuu ture.

Haadhaa fi abbaan koo amma umrin isaanii saddeettama keessa dha. Akkuma akkoo koo ammayyuu addunyaa waliin ga'aa jiru. Yeroon adveencharii koo jalqabuu fi xumuru hunda akka na jajjabeessanitti jiru. Yeroo anaafi Peer afuuffeen keenya rakkinni mudatee Kaanaadaatti badne nu barbaacha dhufaniiru. Jireenyi isaanii fakkeenya naa ta'eera.

Bara 1999 keessa Afriikaa kibbaadhaa lafa binnee mana bareedaa irratti ijaarre. Yeroo baayyee yeroo maatii achitti waliin dabarsina. Yeroon isaanii wajjin dabarsuu hammam mi'aa akka ta'e waanan beekuuf guyyaa keessaa daqiiqaa

kudha shan qofan biiznasiif ramada. Iimeeliis ta’e moobaayilii hin fayyadamu. Biiroo wajjin wal-quunnamuuf qofa bilbila saatalaayitiin fayyadama. Alaqoonni baayyeen kan ofii isaanii guyyaatti saa’atii baayyee biiroo keessatti dabarsan waa’een koo kun isaan dhiba. “Akkamitti daqiiqaa kudha shan qofa keessatti waan hunda fixuu dandeessa?” jedhanii na gaafatu.

Deebiin koo salphaa dha. Yeroo ishee qabanitti sirriitti fayyadamuu dha. Biiznasii irrattis jireenya dhuunfaa irrattis kanuma.

Kana kanan jechuu danda’u garuu amma ergan umriin koo deemee fi muuxannoo horadhee dha. Haati manaan koo isheen jalqabaa (Kriisten) bilbila haasa’uu waanan baayyisuuf natti aarti turte. Hojii fi jireenya dhuunfaa kee adda baasuu hin dandeessu jettee na komatti. Rakkina kana kan fide tokko mana taa’ee hojjechuu kooti. Bilbila kaasuu dhiisuu gonkumaa hin danda’un ture; bilbilichi immoo iyyuu dhiisee hin beeku. Callisee dhiisuu utuun danda’ee natti tola ture; haa ta’u malee tarii carraa biiznasii gaariitu na darbaa jedhee waanan yaadda’uuf kaasuu hin dhiisu.

Ammayyuu yeroon bashannana irra jirus yaaduu hin dhiisu. Sammuun koo yaada meeqa kuffisee dabarsa. Varjin kaampaanii addunyaawaa waan ta’eef badaa rafuu hin danda’u. Barsiifata gaarii ani qabu tokko “catnapping” yookis takkaatti hirriba sa’atii tokko yookin lamaaf rafee ka’uu danda’uu dha. Barsiifata ani qabu keessaa inni baayyee murteessaa dha. Fakkeenyaaaf yeroon Hoong Koongii gara Chaayinaa deemu waan hojjetamu waan hin jirreef baasii keessa nan rafa. Sammuu koo haaressee ka’een sa’atii dheeraaf walitti fufee hojjedha. Wiinstan Charchilii fi Maargaareet Taachar kaatnaappiingiidhaan beekamoo dha; anis isaanumarraan baradhe.

Fakki-kaasaan biyya Ispeen Saalvaadoor Daaliin amala addaa ittiin yeroo keessa jiru dhandhamatu qaba ture. Yeroo haalli jireenyaa ta’uufii didu biqiltoota isaa keessa deema.

Gaabbiin akka firii darbattee gatte deebistee barbaaduuti. Darbeera; si gaabbisiisuu garuu itti fufeera. Utuu darbadhee hin gannee jettee yaadda; deebistee barbaadda. Hamma danda'ametti garuu gaabbii irraa of qusachuun gaarii dha. Gaabbiin fuuldura kee dhiistee dudduuba keetti akka ilaalatu si godha.

Biiznasii keessatti mo'amuun gaddisiisaa dha. Gaabbii qabaachuun garuu caalaatti nama miidha. Takka takka wantoota gochuun nurra hin jirre goona. Jalqaba dogoggora guddaa ta'ee nutti mul'achuu danda'a; booda erga turee deebitee gaafa ilaaltu garuu badaa akka hin taane argita. Kan darbe darbeera; jijjiiruu hin dandeessu. Kanaafuu dogoggora yoo hojjettes gaabbiin bu'aa waan hin qabneef itti dhiisuu wayya.

Kanaaaf fakkeenya kan ta'u tokko anaa fi Kriistan boqonnaaf Meeksikoo yeroo deemne waan nu mudate dha. Kriistan namni naa bilbilee akka nun jeeqneef lafa bilbilli hin jirre filatte. Deebi'uuf guyyaan lama qofti yeroo nuu hafu qurxummii akka qabnuuf bidiruu kireeffachuun yaale. Namicha qurxummii qabu tokko borii isaa akka nu geessun gaafadhe. Inni garuu qilleensi jabaan waan dhufuuf jedhu fakkaata jedhee dide.

Qarshii akka daballuufiif jedhee diden se'e. Deemuu baayyee waanan barbaadeef qarshiin sii kennuuf ture dacha isaan sii kennan jedheeni. Tuuristoonni lamas akkuma keenya deemuu waan barbaadaniif dachaadhaan kaffalani. Guyyaa gaarii dabarsine. Booda garuu duukkanaa'aa dhufe. Qilleensi isaas jabaachaa deeme; ni qorras. Manatti deemuuf injinii yoo kaasuu yaalanis bidiruun keenya achumatti naanna'uu malee fuulduratti deemuu hin dandeenye. Humni qilleensaa dabalaa deemee galaanicha raase. Bidiruun keenya caccabee dhidhimuuf akka jedhu nan bare.

Sa'atii tokko booda garuu qilleensi akka duraatti deebi'e. Haalli isaa qabbanaa'aa fakkaate. Ifa adda ta'etu mul'ate. Nuti hin barre malee obomboleettii hamaa dha. Dhiyaachaa gaafa dhufu obomboleettii ta'uu isaa hubanne. Du'uu keenya dha jedheen yaade. Kriistan bishaan daakaa hin gashitu sababii ta'eef maayilii lamaaf daakeen jalaa ba'a jette. Namoonni hundi maraattaniittu nuun jedhanis namichi inni nu geese garuu bishaanitti gaafa utaallu muka qabannu nuu kenne. Shaarkiin akka nutti ba'ee nu hin nyaanne sodaadheen ture. Sa'atii lamaaf walitti aansinee daaknee qarqara galaanaatti baane. Caffee keessaa baanee mandara yeroo seennu gargaarsa gaafanne. Bidiruu guddaa nuu kennani. Bidiruu isa duraa

barbaacha gaafa deebinu obomboleettiin cimaan nu argatee achi nu deebise. Yeroo haalli qilleensaa deebi'ee sirraa'u guyyaa lamaaf walitti aansanii barbaadani. Achi-buuteen isaanii hin beekamne.

Gaabbaa hafuu nan danda'an ture. Ani garuu baayyee gaddus gaabbuu dhiiseen taa'ee loojikiidhaan yaade. Rakkinni kan uumame balleessaa koon miti. Rakkinni bidirucha irraa ture. Bidiruun tokko gaafa dhidhimu balleessaa imaltootaa utuu hin ta'in balleessaa kaapteenii yookis abbaa qabeenyaa irraa kan ka'e dha. Seenaan bidiruu bade sanaa kitaaba koo waggaa muraasa booda maxxanfame irratti ba'e. Deelii Meel waa'ee bidiruchaa akka qo'atuuf gaazexessaa Meeksikootti ergan. Bidiruchis, namoonni achirra turan hundis fayyaa argamani. Qilleensi isaan fudhatee maayilii baayyee fageessee isaan gatee ture. Bidiruu isaanii suphuun yeroo itti fudhateera; waan ittiin quunnamtii uuman bilbila yookin reediyoo hin qabani. Nuyi erga manatti gallee edaa isaan lafa duraatti deebi'aniiru. Ani kana hin beeknen ture. Waggoota hedduuf gaabbiidhaan jiraachuun danda'an ture.

Yeroo hunda isa fuulduraa qofa yaaduun akkuma booddee ofii ilaaluu lafa yaadne akka hin geenye nu gochuu danda'a. Namoonni tokko tokko isa fuulduraa malee hin yaadani; waan amma qabanitti hin gammadani. Abdiin isaanii waa'ee waa utuu hin dhama'in argachuu dha. Fakkeenyaaf lootarii fudhachuun ni danda'ama. Karoora qabaachuun barbaachisaa dha; maallaqni barbaachisaa dha. Haa ta'u malee kan irraanfatamuu hin qabne maallaqni karaa ittiin lafa yaadan ga'an malee ofii isaa lafa yaadan ta'uu hin qabu. Wanti amma ta'aa jiru akkuma isa gara fuulduraaf karoorfattee barbaachisaa dha. Kanaafi diyaariin koo ji'a dursee guutamus isa ammaas sirriitti kanan jiraadhuuf.

7. Maatii fi Hiriyoota Keef Iddoo Guddaa Laadhu

Maatii kee fi hiriyoota keef dursa kenni
Amanamaa ta'i
Rakkina hin sodaatin
Qarshiin ittiin hojjechuuf uumame
Namoota sirrii filadhu; gaarii kan hojjetan badhaasi

Gaaf tokko galgalaan Jamaayikaa yeroon ture Kiingstan irraa xiqqoo siqee odola xiqqoo irratti bashannanaan ture. Qarqara galaanaa mana dhugaatii tokkorraa ala taa'ee biiraa dhugaa sirba Boob Maarlee dhaggeeffachaan ture. Gartuun allaattii bishaanii qurxummii qabuuf galaana keessa seenu. Hundinuu akka qooddatuuf gareedhaan hojjetu. Maatiin keenya akkana ture. Varjinis akka maatii guddaa dha. Har'a hojjettoota 40,000 ol qabaannus hundinuu akka maatiitti ilaalama.

Fedhiin gareedhaan hojjechuu kan na keessatti uumame ijoollummaa koorraa kaaseeti. Harmeen koo waan wajjin hojjennu akka yaaltetti dha. Keessaa ba'uu yoo yaalle ofittoo nuun jetti. Gaaf tokko waldaa keessatti keessummaa mana keenyaa bira taa'uu dhiiseen hiriyaa koo Niik bira taa'e. Harmeen baayyee aarte. Keessummaan hunda dursuu qaba jette. Abbaa koodhaan reebiin jette. Inni garuu na hin reebne. Balbala cufee akka nama na kabaluu harka isaa walitti rukute; anis waanan boo'aa jirun fakkeesse. Abbaan koo yeroo baayyee hojiif waan fagoo deemuuf irra caalaa kan nu to'atu harmee keenya ture. Lachuu isaaniiyyuu garuu sirriitti na qabaniiru; har'as akkuma sanatti jirra.

Namaa wajjin hiriyaa taatee waan irratti walii hin galle utuu qabduu itti fufuu dandeessa. Hiriyyummaa gaarii taanaan wal-dhabiinsa keessa dabartee iyyuu hiriyummaan itti fufuu dandeessa. Niik barruu Istuudant irratti na faana hojjechaa ture. Qarshii qabuu fi to'achuu hin gashu. Galii keenya dur saanduqa xiqqoo keessa keenya turre; baasee akkaawuntii bankii banee kan nuu gashe Niik ture. Mana lafa jalaa keessaa baanee mana guddaatti akka gallu kan godhes isa. Hundinuu haala gaariin deemaa akka jirun amana ture. Kanaafi gaaf tokko xalayaa Niik hojjetootaaf barreesse deeskii koorratti gaafan argu kanan na'e. Xalayichi anaan maxxansaa irraa

na kaasanii ofii isaanii akka hojjetan kan gorsu ture. Niik utuu hin beekini xalayicha deeskii koorra kan kaa'e.
Baayyeen gadde. Haala jiru sirreessuuf Niikiin ari'uu akkan qabun murteesse. Qofaatti isa waameen "hojjetoonni kaan waan ati karoorfatte akka hin jaallanne dubbachaa jiru" jedheeni. Akka waanan iccitii hunda beekuuttin fakkeesse.
Niik irrati baramuun isaa isa naasiseera. "Hiriyummaan keenya itti fufuu qaba; hojii kanarraa garuu si ari'uun qaba" jedheen itti hime.
Niik "Riikii, dhiifama guddaa. Ta'uu qaba jedhee waanan itti amanen godhe" naan jedhe.
Niik hojicharraa ari'amus hiriyummaan keenya garuu itti fufe. Yeroosi kanan yeroo jalqabaaf namaa wajjin wal-lole. Dafee waanan waliin mari'adheef garuu miidhaan badaa utuu hin ga'in hambisne. Kanarraa kanan baradhe waa ukkaamsanii kaa'uurra ifa baasuun gaarii akka ta'e dha. Wal-dhabdeen hiriyoota gidduutti uumamu salphaatti furamuu danda'a.
Istuudant guddachaama deeme. Xalayaadhaan ajajamee bitamuu akka danda'u goone. Qofaa koo hojjechuu waanan hin dandeenyeef Niik deebi'ee akka dhufun gaafadhe. Yoo deebi'e sheerii parsantii afurtaman waadaa galeefi. Niik xiiqii natti hin qabanne; ni deebi'e. Gara duraa qarshiin nu hanqata ture. Niik baasii xiqqeessuu fi warra liqii nurraa qaban yeroo akka nuu kennan amansiisuudhaan baayyee fayyade.
Niik "kaffaluu hin dadhabin malee barfatanii kaffaluun rakkoo hin qabu" jechuu jaallata.
Ajaja xalayaadhaan fudhachuu jalqabuun keenya gabaa nuu dabale. Haa ta'u malee Istuudant yeroo koo harka caalaa na jalaa fudhachuun hin oolle. Maallaqnis wantan yaadeef wal-gahuu dide. Barruu Istuudant kaampaanii guddaa IPC jedhamutti gurguruun yaade. Eediitarii ta'ee akkan itti fufu barbaadani; maal maal akkan karoorfadhes na gaafatani. Yaada baayyee waanan qabuuf ittin dhiyeesse. Karoora gurguddaa koo gaafan itti hime akka isaan dinqe hin shakku. Baankii barattootaa, naayitkilabii fi hoteela barattootaa banuu akkan yaaden itti hime. Baaburaa fi eerlaayinii rakasa banuu akkan yaade gaafan itti himu maraatuu na se'uun isaanii hin oolle.
"Sii bilbilla" jedhanii na gaggeessani. "Ati nuuf hin bilbilin nuun sii bilbillaatii."

Karoorri koo Istuudantiif qabus kanaan goolabame. Isa dhiisnee mana muuziqaa banne. Kaampaaniin IPC utuu yeroos yaada koo fudhataniiru ta'ee maaltu ta'a kan jedhu yeroo baayyee nan yaada. Silaa yoona Varjin utuu hin ta'in isaantu eerlaayiniifi baabura qabaata ta'a.
Itti aanee wanti nuti hojjenne mana muuziqaa keenya muuziqaa gurguruu qofa irratti bobba'ee ture istuudiyoo sirba hojjetutti guddisuu dha. Iddoo itti bashannanaa hojjetan akka ta'u ture fedhiin koo. Bara 1970 keessa istuudiyoon akka waajjiraatti hojjetu turani. Sababa kanaaf baandiif hin mijatani. Rook end Roolii ganama sa'aatii sadiitti sirbuun nama hin bashannansiisu. Kana malees baandiin meeshaa muuziqaa hunda ofii isaanii qabaachuutu irraa eegama ture. Magaalaarraa fagaadheen mana guddaa barbaade.
Beeksisa mana kaasilii paawundii kuma lamaan gurguramuu gaafan arge ittin gaggabe. Kumni lama mana akkanaaf baayyee rakasa dha. Kaasilii mataa koo qabaachuunis baayyee na hawwisiise. Baandiin akka Za Biitilsiifaa, Rooliing Istoonfaan achitti yeroo sirban natti mul'ate. Abdiidhaan guutameen manicha ilaaluuf Weelsiin deeme. Haala nama gaddisiisuun manichi gurgurtaaf dhiyaachuunsaa hafe. Ingilizitti deebi'aa utuun jiruu beeksisa mana naannoo Ooksfoord jiruun arge. Kaasilii ta'uu baatus istuudiyoof ni ga'a.
Karaa dheeraa deemeen manicha argadhe. Manicha akkuman argeenin jaalladhe. Kutaa baayyee qaba. Za Biitilsii fi Rooliing Istoonsiin takkaatti keessummeessuu danda'a. Dafeen riil isteet eejantiif bilbile.
"Paawundii kuma soddomii shan" naan jedhe.
"Dhumni isaa meeqa?" jennaan dafee kan gurguramu taanaan kuma soddoma akka ta'e dubbate.
Eejantichi gatii rakasa argatte naan jedhe. Tarii rakasa ta'uu danda'a; paawundii kuma soddoma nama qabuuf. Ani kanan itti yaadaa ture kuma shanfaa ture. Gatiin isaa humna koo ol ta'e. Haa ta'u malee istuudiyoon waan na barbaachisuuf qarshii lafan fidee fidee bituun yaale.
Jireenya koo keessatti yeroo jalqabaaf suufii fi kophee pirootokolii eegeen uffadhe. Kana kanan godhe baankiirraa liqii fudhachuuf jecha. Booda akka natti himanitti suufii uffadhee yeroo na argani dha rakkoo keessa akkan jiru kan baran. Sanadii biiznasoota koo kana duraan itti argisiise. Haala baayyee nama ajaa'ibuun paawundii kuma digdama naa liqeessani. Kumni digdamni

bara 1971 keessa baayyee guddaa ture. Hamma kana liqeeffadhee hin beeku. Ofittin boone. Dur isan mana barumsaatti bilbila peeyifooniidhaan ispoonsarii argachuuf yaalaa turen yaadadhe. Amma is duriirra baayyee fooyya'eera. Ta'us kumni digdamni gahaa hin turre.
Maatiin koo na gargaaru jedhee abdadheen ture. Yoomiyyuu na cinaa dhibanii hin beekani. Keessumaa yeroo waan haaraa jalqaban akkam rakkisaa akka ta'e beeku. Warri koo maqaa anaafi obboleettii koodhaan maallaqa hamma ta'e ni kaa'u turan. Umriin keenya soddoma gaafa guutu 2500 nuuf kennama. Kan koo ammuma dafanii akka naa kennanin gaafadhe. Takkaatti tole jedhani. Abbaan koo "ammayyuu paawundiin 7500 si hanqata; eessaa fidda?" jedhee na gaafate.
"Hin beeku" jedheen deebiseefi.
"Adaadaa kee wajjin laaqanarratti haasa'i. Akka ati dhuftu ittin hima" naan jedhe.
Adaadaa koo Jooyisiin laaqanan afeere. Jooyis adaadaa koo ishee bishaan hin daaktu jettee qarshii kudhan naa qabsiistee turte dha. Abbaan koo akkuma naan jedhe dursee bilbileeraafi. Maal akkan yaade beekti. Qarshii dhalaa wajjin deebi'u naa liqeessite. Galatoomi jedhee gaafan itti afuursu akkas naan jette: "Riikii, utuun hin barbaannee siin liqeessun ture. Silas qarshiin maalif fayyada? Ittiin hojjechuuf mitii? Atimmoo akkam akka ati tattaafattu beeka; qarshii koo kudhan mootee na jalaa hin fudhanneeree?" Jechi ishee yeroon manicha bituuf deemu illee sammuu koo keessaa hin badne. *Qarshiin kan fayyadu ittiin hojjechuufi*. Yeroosis kanuman amanan ture; ammas akkasuma. Warra koof malee silaa furtuun manichaa harka koo akka hin galle beeka. Wantin yeroos hin beekne garuu Jooyis qarshii irraa hafaa akka hin qabne dha. Edaa isheen guddaa waan natti amantuuf moorgeejii manaa irraa liqeeffattee naa kennite.
Manicha bitee waggaa kudha sadii booda eerlaayinii mataa koon dhaabe. Eerlaayinicha kan eebbisne firootaa fi hiriyoota koo hundaa wajjin ittiin Niiwuyoorkitti balaliineetu. Fuula maatii koorraa gammachuu guddaatu ifa ture; naan boonani. Ani immoo kan addanaan na gaa'e isaan taa'uu yaadaan deeme.
Yoomiyyuu dandeettii namootaa kabajuu akka qabnu baradheera. Nama tokko waan tokko akka hojjetuuf yeroo qaxartu yaada biraa yoo qabaate yookin waan biraa hojjechuu yoo fedhe akka hojjetu godhi. Kanaafi

karaarrattis, xiyyaara keessattis, baaburarrattis namoota gorsa kanan gaafadhu. Yeroo tokko tokko kara-deemaatu abbaa biiznasii caalaa beeka. Keen Beeriin nama kanaaf fakkeenya gaarii ta'u dha. Keen mana muuziqaa keenya keessatti daldalaa ture. Hojiin isaa inni sirriin mi'a darbu mirkaneessuu ture; suuta suuta garuu waan baayyee hojjechuutti ka'e. Waa'ee dhimma kamiiyyuu baruu gaafan barbaadu isan gaafadha. Waan inni wallaale tokko hin jiru. Har'a namoonni guugil yookis yaahuu gaafatu; nuyi Keeniin gaafanna turre.

Amala isaa keessaa hunda caalaa kanan jaalladhu waan lama ture: Tokkoffaan namootaa wajjin baayyee waliigaluu isaa yoo ta'u, lammaffaan immoo of jajuu waan jedhamu beekuu dhiisuu isaati. Namoota bebbeekamoo wajjinis ta'e abukaatota, hunda faana walii galuu danda'a. Koontraata mijeessuu irra akka hojjetu goone. Daldalaa ta'ee itti fufuun dandeettii isaa qisaasessuu ta'ee waan nutti mul'ateef garee keenyatti daballeeni. Hojii-gaggeessaa Varjin muuzikii gooneeni; booda immoo kan EMI ta'e.

Gorsa Keen kanan fudhadhu yeroo mara hin turre. Gaaf tokko yeroo maallaqni nu hanqataa ture walga'ii ariifachiisaan waame. Yeroo sana sirboota keenya keessaa hunda caalaa galii kan gashe sirba Maayik Ooldfiild "Tubular Bells" ture. Waan hunda kan hojjennnu qarshii isarraa argameen ture. Koontraatni Maayikii wajjin qabnu yeroo dhumu deebi'ee nuuf mallatteessuuf qarshii dabalataa gaafate. Dhugaa jiru ifattin itti hime. Galiin kaampaanichaa galii dhuunfaa isaa gadi akka ta'en itti hime.

"Maalif?" jedhee na gaafate.

Baandiin keenya baayyeen isaanii galii homaa gashaa akka hin jirren itti hime.

"Hundinuu anarraa argatu jechuudhaa?" jedhe.

"Eeyyee" jedheen deebiseefi. Baandii hamma kana danda'uu isaatti ni gammada jedheen yaade.

Inni garuu itti tolaa hin turre. "Qarshii argamu waan waa'ee hin baafnetti baasuufii kanati kaffaltii kee hin dabalu jettu?" naan jedhe.

Walga'icha irratti kaampaaniin keenya nama tokkittiirratti akka hundaa'ee jirun dubbadhe. Baandii fi sirbitoota baayyee mallatteessisuu qabnan jedhe. Sirboota jaallatamoo biraa yoo arganne nama tokkorratti qofa hin hundoofnu; kaampaaniin keenyas ni guddata.

Keen Beeriin baandii hunda isaanii gaggeessinee Maayik Ooldfiildiin qofa hambisuu akka qabnu dubbate.
Maayikii wajjin itti fufnee maallaqa akka argachuu dandeenyu beeka; kan na yaaddesse garuu kanaan itti fufnaan kaampaanii xiqqoo taanee hafuu keenya dha. Isumaammoo sirbi Maayik fudhatama dhabaa deemnaan kasaaruu keenya. Dafnee baandii cimaa argachuu akka qabnun Keenitti hime.
Qarshii qusachuuf jecha wanti nuun hin taane hin jiru. Konkolaattota ni gurgurre; swiimiing puulii keenya ni cufne. Warrin amma eere warra nuuf salphaa turani dha. Inni cimaan artiistotaa fi hojjettoota baayyee wajjin gargar ba'uu keenya. Jiraachuuf jecha garuu ni dirqamne. Kan milkoofne Seeks Piistilsii yeroo mallaatteessine dha. Seeks Piistils baandii jalqaba aadaa Pankii keessaa harkaa qabani dha.
Mudaannon na dhibu tokko waa'ee Deev Beedfoord dha. Sirboota gaggaarii barreessa. Haa ta'u malee hanqina maallaqaaf jennee isaa wajjinis gargar bahuuf dirqamne. Yeroon kana itti himu xalayaa barreessee nan hubadha, rakkoo hin qabu naan jedhe. Xalayaa dheeraa fi gaarummaan guutame ture. Beedfoord Maayik Ooldfiildiifis xalayaa barreesse; xalayichi jalqabaa hamma dhumaatti kan na arrabsu dha. Akka carraa ta'ee garuu poostaa wal-jijjiiree keessa kaa'e.
Namoonni baayyeen akkamitti hojiirraa yeroo dheeraaf fagaattee adveenchariif deemta naan jedhu.Deebiin koo namoota gaarii filattee jennaan itti gattee deemuu dandeessaa dha. Ati iddoo biraa deemtus hojiin sirriitti akka hojjetamu beekta. Bara 1887 keessa waraana EMI bituuf taasifamu dafee xumuruun dirqama natti ta'e. Peerii wajjin Atlaantikii afuuffeedhaan balaliinee qaxxaamuruuf wal-beellamneerra. Haalli qilleensaas mijataa ture. Xiqqoo turree jennaan booda jijjiiramuu danda'a. Hojjettoota gaarii waanan qabuuf itti dhiiseen deeme. Haa ta'u malee, deebi'uu dhiisuu waanan danda'uuf ni eegani.
Obomboleettiin bara sanaa abjuu Ii Emm Aayii (EMI) bituu keenya barbadeesse. Istook Maarkeetiin kufee gatii sheerii keenyaa hir'ise. Baankonni deebinee kan milkoofnu waan itti hin fakkaanneef liqii nu dhowwatani. Kan nama dhibu yeroon eerlaayinii koo ooshuuf tattaafachaa ture Varjin muuzikii II Emm Aayiitti paawundii miiliyoona walakkaan gurguruuf dirqameera. Anaaf guyyaan sun guyyaa baayyee gaddisiisaa ture.

Biiznasii keessatti waan akkanaa hin oolu. Filannoo cimaan nama mudata. Eerlaayinichi hojii yoo dhaabe namoota dhibba meeqatu hojiidhaa ala ta’a. Paawundii miiliyoonni walakkaan sun yeroo dheeraaf yaaddoo malee hojjechuu nu dandeessise; biiznasii haaraa jalqabuufis maallaqni na ga’e. Varjin muuzikiinis hojii hin dhaabne. Hojjettoonni koo durii anaa wajjin ta’uu baatus hojii isaaniidhaan itti fufuu danda’uun isaanii anaaf mo’icha. Hunda caalaa maalitti amanta gaaffiin jedhu yoo naa dhiyaate deebiin koo “maatiitti” kan jedhu dha. Maatiitti baayyeen amana. Maatiin takka takka gargar akka faffaca’an beeka; ana mataa koo na quunnameera. Maatii kan hin qabne akka jiran nan beeka. Haa ta’u malee hiriyoonni walitti dhiyoonis akkuma maatiiti. Of akkan danda’u ijoollummaadhaa kaasanii na barsiisanis maatii fi hiriyoota koo malee jiraachuu akkan hin dandeenye beeka.

8. Namootaaf Ulfina Kenni

Namoota kabaji
Waan sirrii hojjedhu
Maqaa gaarii qabaadhu
Haqaan hojjedhu

Gidduun reef varjin muuzikii dhaabe tokko daldaltoota Jaappaanii wajjin haasa'een ture. Dargaggeessa surree jiinsii fi shurraabii uffate kan homaa hin qabne tokko akka isaan itti kabajan hin irraanfadhu. Ijaa fi gurra ofii banaa gochuu fi nama kabajuun akkam barbaachisaa akka ta'e na barsiisani. Nama si dhaga'u yookin si argu hin beektu inni jedhan dhuguma dha. Namoonni ni haasa'u. Hamiin ati namoota hamattu dhaga'amuu danda'a.
Kun anaanis waan na quunname dha. Gaaf tokko walga'iif natti guyya'ee ariifachaan ture. Waraqaa muraasa fuudheen utaalee taaksii seene. Shufeerichi natti odeessuutti ka'e. "Ahaa, si beeka; Riichaard Braansan mitii ati, abbaa kaampaanii muuziqaa?" jedhee naa gaafate.
"Sirrii dha" jedheen mirkaneesseefi.
"Guyyaa akkam namatti tolu dha? Riichaard Braansantu taaksii koo yaabbate" jedhe.
Walga'ii utuu hin seenin faayilootan dubbisuu barbaade waan jiraniif shufeerichi utuu calliseen hawwe. Inni garuu callisuu dide. Guyyaa guyyaa taaksii akka oofu, galgala immoo baandii isaanii keessaa draamarii akka taa'e natti hime. Sirba isaa akkan dhaggeeffadhu na gaafate. Nan gaddeefi; namoonni baayyeen sirbituu beekamaa ta'uu barbaacha sirba isaanii naa banu.
Qaanessuunii hin barbaanne. Tole naa banin jedheeni.
"Lakki, baayyee dadhabdee waan jirtu fakkaatta; manni harmee koo naannoo kana dha. Utuu si argitee ni gammaddi. Deemnee shaayii haa dhugnu" naan jedhe.
"Lakki, natti guyya'eera" jedhee utuun afaanii hin fixin "hin ta'u; shaayii dhuguu qabda" naan jedhe.
Waanan godhu dhabee "tole, galatoomi" jedheen.

Mana harmee isaa bira gaafa geenyu sirba isaa na dhageessisuuf kaasettii isaa gashe. Sagalee isaa ispiikariidhaanan dhaga'e "natti dhaga'ama; har'a qilleensarra kan oolu…". Barcuma isaarraa utaalee bu'ee balbala konkolaataa naa bane. Shufeerichi Fiil Kooliins ture. Baayyee natti kolfe. Praankii na godhe jechuudha.

Qophii "The Rebel Billionaire" yeroon qopheessaa ture hojii Fiil kana koppii godheera. Shufeerii dulloomaa fakkaadheen dorgomtoota gara lafa dorgommichaatti geessaa ture. Gurra qeenseen waan isaan jedhan dhaggeeffadha. Jaarsa dulloomaa danda'ee shaanxaa hin baanne akkam akka isaan godhan nan ilaale. Amala isaanii kanarraan babbare.

Kabaja jechuun akkaataa itti nama hundaa wajjin taatu malee warra itti of agarsiisuu barbaaddu qofa miti.

Jaappaanonni kaampaanii isaaniif waggaa dhibba lama boodaaf iyyuu ni karoorfatu. Amma isa ammaa bu'aa argachuu hin fedhani. Suuta jedhanii bu'aa dhaabbataa argachuu jaallatu. Bar tokko varjin muuzikiif shirkii nama naa ta'u barbaadaan ture. Ameerikaanota baayyee wajjin haasofne. Investii gochuu kan barbaadan baayyee dha; haa ta'u malee hojmaata kaampaanichaa to'achuu barbaadu. Akkaataa hojii keenyaaf waan hin mijanneef shirkii hojmaata keessa hin galle barbaanne. Daldalaa Jaappaan kan waggaa lama sadii dura na kunuunsen yaadadhe; kanaaf fuula keenya dhihatti naannessine. Daldalaa Jaappaan nu faana hojjechuuf dhufe maal akka yaaden gaafadheeni. "Obbo Braansan, niitii Jaappaan moo Ameerikaa barbaadda?. Niitiin Ameerikaa rakkistuu dha; niitiin Jaappaan callistuu fi bayeettii dha."

Bayeettii fi callistuu jechuun dadhabduu jechuu miti. Yaanni isaa waan natti toleef wajjin hojjenne.

Jireenya koorraa barumsa guddaa kanan argadhe tokko yeroon waan seeraa alaa hojjedhe dha. Qabameen adabame. Ani yeroos paayireetii hiippii ta'uu koo ture. Gowwummaa koon akka gootummaatti yaade. Riiskii hin taanen fudhadhe.

Bara kudha sagal torbaataman keessa hundi keenya hiippii turre; seera cabsuu akka waan gaaritti yaanna.Muudiin yeroos jiru "isaanii fi nuyi" qofa. Reediyoon buufata paayireetii bakka biraadhaa biyyatti tamsaasa. Qorichi akka garaati. Wanti ani hojjedhes yeroo sanatti guddaa ta'ee natti hin mul'anne ture. Arfaasaa bara 1971 keessan akka tasaa eegale. Varjin

muuziqaaa gaggaarii gatii rakasaan gurguruudhaan beekama ture. Gaaf tokko ajajni baayyee guddaan Beeljiyem irraa nuu dhufe. Beeljiyemitti ekspoortii yoo goote gibira kaffaluun sirra hin jiraatu; kanaafuu muuziqaawwan kaampaanotarraa biteen konkolaataa lafa dooniitti geessu kireeffadhe. Karoorri koo dooniidhaan Faransaayiin deemee isa booda konkolaataadhaan Beeljiyemiin deemuu dha. Faransaayitti gibirri akka kaffalamuu qabu hin barren ture.

Doovaritti warri mi'a dabarsan baayyina kaasettii ani baadhee jiru ilaalanii chaappaa itti rukutani. Faransaayiin yeroon seenu asitti akka hin gurgurre nuu mirkaneessi naan jedhani. Beeljiyemitti akkan darbaa jirun waraqaa itti agarsiise. Na didani; boondid istookii waan qabduuf gibira kaffaluu qabda naan jedhani.

Hamman danda'e falmee gaafan dadhabu bidiruudhaanin Doovaritti deebi'e. Yeroon koo lafatti baduu fi carraan gaariin na miliquu isaattin aare. Landanitti deebi'aa utuun jiruu yaadni tokko naa dhufe; kaasettota gibirri itti hi kaffalamne konkolaataa tokko guutuu akkan qabun yaadadhe. Chaappaa warra mi'a dabarsaniis qaba. Kara mana poostaa yookin suuqii varjin riikardsii keessatti gurguree paawundii kuma shanii ol buufachuufin karoorfadhe.

Seeraa ala ta'us ani waan badaatti hin lakkoofnen ture. Yeroo sana Varjin liqii baankii paawundii kuma kudha shantu irra ture. Carraan na faana jirtin se'e. Seera cabsee utuu hin adabamin si'a baayyee darbeera; ammas akkanuma ta'a jedheen yaade. Kan na qabsiise na ga'a jechuu dadhabuu kooti. Kaasettii konkolaataa tokko qofa gurguree hin dhiisne; si'a afurin Faransaayiin deemee deebi'e. Akka nama eekspoortii godhuu fakkaadheen gowwoomfachaa ture. Si'a afuraffaaf yeroon deebi'u immoo bidiruudhaan iyyuu hin turre. Chaappaa akka itti naa godhaniin ofirra naanna'een Deevaritti deebi'e. Utuun hin qabamne ta'ee akkana gochaan hafan ture. Baayyee natti salphate. Ani hin barre malee edaa akkan yaade salphaa hin turre. Hordofamaan ture.

Nu sakatta'uuf akka jedhanin namarraa dhaga'e. Kaasettii hunda isaa dhoksuuf halkan tokko qofa qabna turre. Magaazina keenya keessaa baasne; suuqii garuu ni sakatta'u hin seene. Yeroo isaan magaazina sakatta'aa turan garaa kootti itti kolfaan ture. Ani hin barre malee isaan

yommusuma suuqota keenyas sakatta’aa turani. Mana hidhaa yeroon galu baayyeen na’e.
Amanee fudhachuun natti cime. Nan hidhama jedhee yaadee hin beeku. Booda paayireetii hiippii akkan hin taanen bare. Dhimmi isaa dhimma salphaa miti. Waan daarektarri mana barumsaa naan jedhee turen yaadadhe: “Braansan, akka tilmaama kootti yookin hidhaa galta; yookin miiliyeenara taata.”
Mana hidhaan gale malee miiliyeenara hin taanen ture. Warri koo ijoollummaaadhaa kaasanii maqaa gaarii qabaachuun barbaachisaa akka ta’e natti himaa na guddisani. Hammam sooressa taatus namoonni sin amanan taanaan faayidaa hin qabu. Mana hidhaa keessatti firaashii gogaarra ciisee lammaffaa waan akkasii akkan hin hojjennen waadaa ofii seene. Waan qajeelaa qofan hojjedha.
Ganama harmeen koo na deggeruuf dhufte. Qarshii ittiin abukaatoo seeraa bitadhu waanan hin qabneef abukaatoo mootummaafin dirqame. Abbaan seeraa akkas taanaan waasii akkan hin arganne natti hime. Qarshii waasiidhaan ittiin bahuu danda’u paawundii kuma soddoma natti murteesse. Qarshii hamma kana lafan fidu hin qabu. Harmeen koo mana jireenyaa ishee qabsiistee waasii naa taate. Amantii isheen narraa qabdu garaa na raase. Mana murtii keessatti fagootti wal-ilaallee boonye.
Landanitti deebi’aa utuu jirruu jecha isheen naan jettee yoomiyyuu hin irraanfadhu. “Riikii, kanarraa barumsa argatteetta. Isa darbe gaabbitee hin boo’in. Amma waa’ee isa fuulduraa yaaduu qabna.”
Warri mi’a dabarsan mana murtii na geessuurra dhimmicha alatti akka fixnu waliigalle. Qarshiin seeraa ala argadhe dacha sadii na kaffalsiisani. Kuma afurtamii shan jechuu dha. Waggaatti kuma kudha shan shan kaffaltee waggaa sadiitti ofirraa fixuu dandeessa naan jedhani. Ani kanatti hin aarre.
Seera waanan cabseef kun adabbii argachuun naaf malu dha. Erga yeroo sanaatii hojii seeraan alaa keessa akkan hin galle sirriittan of eeggadha. Erga gaafa sanaatii karoora koo fiixaan baasuuf hammam kutataa akkan ta’e yeroo na gaafatan deebiin koo tokkuma. Seera caabsuu hin barbaadu; kanaafuu yeroo yeroottin karoorri koo seeraa ala akka hin taane mirkaneessa.
Reefuu biiznasii jalqabda ta’ee gorsa yoo na gaafatte “Seeraa ala hin hojjetin. Waliin hin dha’in; seeraan mo’uuf tattaafadhu” jedheen si gorsa.

Biiznasii qofa utuu hin ta’in jireenya dhuunfaa keettis akkasuma gochuu qabda.
Ejjennoon koo “Wanta galgala hirriba si dhorku hin hojjetin” kan jedhu dha.
Seera nama baasu dha.

9. Gaarummaa Hojjedhu

Xiqqoollee haa taatu addunyaa kanaaf jijjiirama fidi

Namoota gargaari

Miidhaa hin geessisin

Namoota gargaaruu akkamitti akka dandeeessu yaadi

Maatiin koo addunyaa kana jijjiiruu eenyuyyuu akka danda'u na amansiisaa na guddisani. Haala dandeenyu maraan namoota biroo gargaaruu akka qabnu nan amana. Daayireektarri mana barumsaa koo akkaataa ittiin manni barumsichaa fooyya'u riippoortii dheeraa yeroon barreesse akka inni ajaa'ibsiifate nan yaadadha. Riippoorticha akkas jedheen xumure: "Kanarratti ilaalcha kee utuu naa ibsitee nan jaalladha; qarshiin bifa kanaan qusatame karoora koo isa itti aanuuf ooluu danda'a."

Daayireektarichi natti hin kolfine yookis nan reebne. Riippoortii koo jajee naa deebise. Barruu barataa irratti maxxansi jedhee na gorse. Ani garuu barumsa itti dhiiseen barruu mataa koo eegale. Barruu sana fayyadamee jijjiirama uumuun barbaade. Anaa fi obboleettiin koo Liindiin barruu keenya karaarraatti gurguraa utuu jirruu kadhataan tokko dhufee qarshii na gaafate. Qarshii homaa yoon qabaachuu baadhes fedhiin nama gargaaruu koo guddaa waan tureef uffata koo ofirraa baaseen kenneefi. Guyyicha birdi libsii haguuggadhee dabarsuuf yoon dirqames baayyeen ofitti boone.

Karaan ittiin namoota gargaaraa turre tokko barruu istuudant keessa kutaa gorsaa dhaabuudhaani. Barattoonni waa'ee waan barbaadanii gorsa nu gaafatu turan. Harka caalaan garuu kan nu gaafatan waa'ee seeksii ture. Yeroo sanatti lafti gorsa akkanaa argatan kan biraan hin turre. Gorsi keenya baayyee milka'aa waan tureef ammayyuu waggaa 35 booda illee hin dhaabanne.

Waggoota itti aanan kaampaanii Varjin dhaabuurrattin xiyyeeffadhee hojjechaa ture. Maallaqa argachuun baayyee na gammachiisus kaayyoo koo isa jalqabaa miti. Cimee hojjechuun jaalladha. Namichi IKEA dhaabe yeroo isaa daqiiqaa

kudhan kudhanitti hiree itti fayyadama. Daqiiqaan tokkollee hin gubattu. Yeroo keetti sirriitti fayyadamuuf yeroo hunda ariifachuun barbaachisaa miti. Biil Geets, namni addunyaa kanarraa hunda caalaa maallaqa gargaarsaaf kennuun beekamu hojjettoonni isaa sammuun isaanii hamma hojjetetti yoo barbaadan sa'atii lamaaf callisanii samii ol ilaaluudhaan dabarsuu akka danda'an dubbata. Albart Anistaayin tiyoorii riletiiviitii kan argate sammuu isaa keessatti utuu waraqaa yookis qalama hin fayyadamini.

Namoonni maallaqni madda hamminaa akka ta'e dubbatu. Akkas ta'uu hin qabu. Maallaqni waan gaariif ooluu ni danda'a. Dhaabbileen gargaarsaa gurguddoo baayyeen sooressootaan jalqabamani; tokko tokko garuu waanuma xiqqoodhaan eegalamani. Haarvaard, koolleejjiin sooressi Ameerikaa gargaarsaan jalqabe. Kitaaba muraasaa fi paawundii 350 qofaan eegale. IKEA'n kan jalqabe mana jalatti. Kaampaaniin inni irraa madde kan jalqabe gargaarsaani. Abbaan Biig Maak burcuqqoo waraqaa gurgura ture. Yeroon gubachuu hin qabu jedhee nama amanu dha. Tarii yaadni Maakdoonaald kan dhufeef dulluma keessa waggaa shantamii lamatti waan ta'eef ariifata fakkaaata. Kaampaaniin isaa amma waggaa waggaatti qarshii miiliyoona shantama gargaarsaaf kenna.

Kanaafuu qarshiin waan gaariif ni oola jechuudha. Waan gaarii hojjechuuf dirqama qarshiin barbaachisaadha jechuu garuu miti. Ijoollee xiqqoon waraqaa meetii fi xaasaa kokaa kollaa funaananii galii isaa gargaarsaaf oolchu turani. Har'a immoo fiigicha gargaarsaa fiigu yookis laayiveeyidii tumsu. Namoota gargaaruuf karaa hedduutu jiru. Karaan salphaan tokko namoota miidhuurraa of qusachuudha; baasii homaa hin gaafatu.

Umriin koo waggaa afurtama yeroo guutu jireenyi koo haala gaariirra hin turre. Briitish Eeyirweeyisii wajjin waraanarra turre. "Best Business Class Airplane of The Year" jedhamnee filatamnus maallaqni nu hanqatee rakkachuurraa nu hin oolchine. Varjin muuzik sirboota gaggaarii gadhiisaa utuu hin jiraannee caalaatti rakkanna turre. Saayiman, gaggeessaan Varjin muuzik fedhii dhabaa dhufe; sababni isaas eerlaayinichi nu kasaarsa jedhee waan amaneefi. Taa'een waa'ee jireenya koo yaade. "Waan haaraa jalqabu moo jireenya koo guutummaatti jijjiiru?" jedheen of gaafadhe. Dubbisuutti badaa ta'uu yoon baadhes yeroo dheeraa itti dubbisuu danda'u qabaachuun fedhe.

Jowaanitti koolleejjii seenee barumsa seenaadhaan digirii argachuu akkan barbaadun itti hime. ‘Barumsa utuu hin ta’in durboota babbareedoo feeteetu’ naan jette.

Tarii Jowaan sirrii jette ta’a jedheen yaade. Kanaafuu ofii koof waanan hojjedhu dhiiseen namoota biroof waanan hojjedhu yaaduun jalqabe. Siyaasa keessa galuun yaade. Dandeettii biiznaasii koo waan gaarii (fakkeenyaaf Kaampaanota tamboo oomishan mormuu) ittiin hojjechuufan yaade. Qorannoo qoricha kaansarii argachuuf taasifamu gargaaruu, namoota mana hin qabne gargaaruus nan yaade. Nama barbaachisaa akkan ta’e akka natti dhaga’amu kan godhan wantoota hedduutu jiru. Anis kanan filadhe.

Yeroo yerootti jireenya keenya teenyee madaaluu qabna jedheen amana. ‘Kaayyoon koo galma ga’eeraa?’ jennee of gaafachuu qabna. Wanti nun barbaachisne yoo jiraate ilaallee gatuu qabna. Kanan haasa’u waa’ee kophee yookis barcuma moofaa gatuu miti. Amala gadhee fi dhibaa’inaa milkaa’uu nu dhowwan baasnee gatuu qabna.

Durbiin koo Piitar Iskoot lafa horsiisa simbirroo qaba. Simbirroonni akka dhufaniif mana koo biratti haroo xiqqoo qabaachuu akkan qabu yeroon itti himu dhufee na gorse. Lafa qoteen bakka simbirroonni jiraatan mijeesseefi. Simbirroo gosa baayyeen dhufanii jiraachuu eegalani. Iddoo baayyee callisaa waan ta’eef kophaa koo ta’ee yaaduu yeroon barbaadu achi deema. Yeroo baayyee namootaa wajjin dabarsuu yoon jaalladhes takka takka garuu kophaa ta’uun na barbaachisa.

Yeroon eerlayinii koo ooshuuf yaalaa ture anaaf yeroo rakkisaa ture. Murtii cimaatu narraa eegama ture. Baankiitti Varjin Muuzik biiliyoona walakkaa akka baasu yeroon itti himu gurguree liqii isaan eerlaayiniif naa liqeessan akkan deebisu barbaadani. Filannoo laman qaba: eerlaayinicha cufuu yookin varjin muuzik gurguruu. Raakkinni jiru lachuuyyuu ooshuun danda’a jedhee yaaduu koo ture. Baankiin na hubatu jedheen yaade. Hamma varjin muuzik sirriitti hojjjetetti waan isaan yaaddessu hin jirun se’e. Isaan garuu riiskii waan sodaataniif akkan yaadetti hin yaanne. Varjin muuzikii gurguruu diddee jennaan qarshii keenya deebifanna jedhanii na akeekkachiisani. Waanan godhun wallaale. Varjin muuzikii baayyeen jaalladha; gatiin isaas caalaatti dabalaa akka deemu beeka. Baandii Rooliing Istoons reefuma mallatteesisne turre; kaampaanicha yoon cufe akkan

isaaniifi sirbitoota biroo miidhu natti dhaga’ame. Waanan godhu wallaalee callisee bokkaa keessa asiii fi achi deeme.

Utuun haala kanaan jiruu Hagayya 1990 Iraaq Kuweetiin weerarte. Godaantonni 150,000 Joordaaniin akka seenanin dhaga’e. Kiing Huseenii fi Kuwiin Nuur hiriyoota koo turaan. Kuwiin Nuur dubartii bareedduu Arkiteeektii turte dha. Kiing Huseenii wajjin kan wal baran yeroo isheen eerlaayinii Joordaan keessa hojjettu dha. Afuuffeedhaan yeroon balali’u televizyiniidhaan na argitee maatii ishee akkan barsiisu na gaafachuuf naa bilbilte.

Mana isaanii deemeen maatii ishee wal bare. Isaanis akkuma ishee namoota baayyee namatti tolani dha. Magaalaa guddittiirra balali’aa daawwanne. Ummanni kan balali’aa jiru Kuwiin Nuurii fi Kiing Jordaan ta’uu yeroo baran duukaa fiiganii wacan. Mootichaaf yerichi yeroo rakkisaa ture. Isa ajjeeseuuf yaalii baayyeetu taasifamee ture. Sababa kanaaf yeroo hunda eegdotaan eegama ture. Yeroo baalaliinu garuu eegdota malee waan ta’eef mootichaaf yeroo walabummaa ta’e.

Saadaam Huseen Kuweetiin yeroo weerare godaantoti kumaatamni daangaa yeroo ce’an televizyiniidhaanan arge. Kiing Huseeniifi Kuwiin Nuuriif bilbileen karaa kam tumsuu akkan danda’u gaafadhe. Kuwiin Nuur ilaaleen sitti hima naan jette. Booda bilbiltee birdilibsii fiduu akkan danda’u na gaafatte. Gammoojjichi guyyaa baayyee guba; galgalammoo baayyee qorra. Birdilibsii guyyaa gaaddisaaf, galgalammoo ho’a kennuuf akka ta’an goona jette.

“Ijoollee xixiqqoon du’aa jiru” jette.

Birdilibsii meeqa akka barbaachisun gaafadhe. Kuma dhibba tokkotu barbaachisa jette. “Guyyaa lama sadii caalaa hin qabnu. Kanaa achi guyyaa guyyaatti dhibba meeqatu du’a. Daddafi!” naan jette.

Hojjetoonni eerlaayinii Varjin gargaarsaaf hojjechuu jalqabani. Guyyaa lama booda jeettiin keenya birdilibsii 40,000, ruuzii toonii hedduu fi meeshaa meedikaalii qabatee Joordaaniin deeme. Yeroo deebinu lammilee Ingiliz akka itti deebi’an dhabanii achi turan fuunee deebine. Ingilizitti yeroon deebi’u abbaan Biriitish Eerweeyis aaree akka gubate natti himani. Nuun maalif hin gaafatamne jedheetu kan aare. Nu dura gaafatamee akka ture isa yaadachiisani. Kiristiyaan Eeyid gaafa isa gaafatan illee tole hin jenne ture. Booda garuu birdilibsii hedduu

Joordaanitti erge. Fakkeenya gaarii ta'uu keenyatti gammachuu guddaatu natti dhaga'ame.

Mi'i nuyi ergine godaantota hunda akka hin qaqqabne yeroon dhaga'u Joordaaniin deemeen mana mootii ture. Abbaa taayitaa mi'i keenya godaantota akka hin qaqqabne dhorke wajjin wal falmeen ergisiise. Kiing Huseenii wajjinis yeroo dheeraaf waa'ee Saadaam Huseen irratti mari'anne. Inni waraanicha irratti Joordaan garee eenyuyyuu akka taatu hin barbaanne. Biyyi isaa ofii isheeyyuu haala gaariirra hin turre; Iraaqiifis Kuweetiifis immoo ni dhimmama. Diipploomaasidhaan akka furamu yoo abdatus warri dhihaa lafa boba'aa Kuweet keessaa qaban eeguuf waraanicha keessa akka hin seenne soda qaba ture. Yeroo hedduu akka hin qabne beeka.

Guyyaa muraasa booda Saadaam Huseeniin televizyiniidhaanan arge. Lammilee Ingiliz butee gaachana (human shield) godhateera. Karaa kam akkan gargaarun taa'ee yaade. Namoota dhihaa muraasa Kiing Huseenii wajjin kallattiidhaan walitti dhufeenya qaban keessaa tokkon ture. Kiing Huseen immoo namoota muraasa Saadaam Huseen amanu keessaa tokko ture. Kiing Huseen kallattiidhaan Saadaamiin utuu haasofsiisee jedheen yaade. Kuwiin Nuuriif bilbilee akka na gargaartun gaafadhe.

"Mana keenya kottu; ni mari'anna" jette.

Joordaanitti deebi'een guyyaa sadii isaan bira turee Kiing Huseenii wajjin mari'adhe. Dafnee waa gochuu baannaan baayyee rakkisaa ta'a jedhe. Taa'een Saadaam Huseeniif xalayaa barreesse. Lammilee alaa achi jiran akka gad-lakkisun gaafadhe. Inni kana goonaan animmoo meeshaalee fayyaa Iraaq dhabdee rakkachaa jirtu akkan ergu waadaa seeneen mallatteesse.

Irbaata booda Kiing Huseen xalayicha Arabiffatti hiike. Ofii isaas xalayaa barreessee lachuu isaa wajjiniin itti erge. Kana caalaa waanan gochuu danda'u waan hin jirreef biyya koottin deebi'e.

Guyyaa lama booda Kiing Huseen naa bilbile. Misiraachoo natti hime. Saadaam dubartootaa fi ijoollee akka gad-lakkisu dubbate. Haa ta'u malee namni beekamaan Iraaqiin deemee qaamaan televizyinii irratti akka isa gaafatu barbaade. Muummicha Ministeeraa Ingiliz durii Sar Eedwaaard Hiiziifan bilbile. Lachuu keenyayyuu bidiruu waan jaallannuuf haala kanaan walitti dhiyaanne.

Homaa hin sodaanne; takkaatti deemuuf walii gale. Joordaaniin turree Iraaqitti darbuuf karoorfanne.

Guyyaa tokko booda Kiing Huseen naa bilbile. “Oduu gaariin qaba; Iraaqiin deemuu dandeessu. Homtuu akka isinirra hin geenye Saadaam Huseen waadaa naa galeera” naan jedhe.

Haa ta’u malee waan na yaaddessu tokkotu ture. Saadaam waadaa seenus anaa fi Eedwaard Hiiziin nu butee xiyyaara keenya akka fudhatu shakkine. Sababa kanaaf iinshuraansii hin qabnu. Saadaam xiyyaara keenya fudhannaan nuu dhume. Balaa guddaan nu eeggatus namoota baayyeetu abdii nurraa qaba. Booddeetti deebi’uun hin jiru.

Anaa fi Eedwaard Hiiz namoota butamanii turan fudhannee yeroo deebinu gammachuu guddaatu nutti dhaga’ame. Namni kun isa hin gammachiisne nama tokko qofa ture: abbaa Briitish Eerweeyis. “Braansan maal godhee of yaadaa, ministeera dhimma alaatii?” jedhee dheekkame.

Booda diyaarii koorratti akkas jedheen barreesse: “Waan akkasii gochuuf maaltu nama kakaasa?” Ji’a tokko dura jireenyi koo haala gaddisiisaarra ture. Waanan godhu wallaaleen ture. Wanta baayyeedhaan milkaa’eera; umriin koo 40 guuteera. Chaaleenjii haaraa barbaadaan ture…”

Waanan diyaarii koorratti barreesse irra deebi’ee yeroon dubbisu biiznaasmaanii ta’uun koo gaarii hojjechuuf carraa akka naa banun hubadhe. Iraaqii namoota baasuun kana naa mirkaneesse. Biiznasmaanii ta’uun koo namoota addaa akka Neelsan Maandeellaa, Bushitoota akka mummicha ministeeraa Raashiyaa, sooressota akka Biil Geetsii fi Pool Alan waliin wal na quunnamsiiseera. Biiznasmaanotnii fi sooressootni gurguddoon carraa gaarii qabu. Namootaa wajjin salphaatti wal quunnamuu danda’u: kanneen isaanii olis gadis ta’an, namoota biyyoota biro waliinis jechuu dha.

Carraa kana ittiin addunyaa kana fayyaduuf oolchuu danda’u. Barruu koo Istuudant irratti kanan yeroo jalqabaaf barreesses kana. Mucaan koo Hooliin barattuu fayyaati. Rakkoo karaa seeksii dargaggoota Ingiliz mudatu furuu jaallatti. Tajaajila gorsaa laachuudhaan nu gargaarti.

Sirbis addunyaa kanaaf jijjiirama gaarii fiduu wantoota danda’an keessaa tokko dha. Kanaaf raga kan ta’u laayiv eeyidii fi laayiv eeyitii dha. Hojii sirbitoonni akka

Piitar Gaabri’el, Boonoo fi Boob Geeldoof namoota beela’anii fi balaan uumamaa isaan dhaqqabeef qarshii funaanuudhaan hojjetan ilaaluun ni danda’ama. Priinsas Diyaanaan utuu lubbuun ishee hin darbin dura hojii gargaarsaa baayyee hojjetti turte; anis hamman danda’e ishee tumseera. Sababa kanaaf sirna awwaalchaa ishee irratti Eeltan Joon sirba “Candle In The Wind” jedhu akka sirbu yeroon amansiisu gammachuu guddaatu natti dhaga’ame. Sirbichi kaasettii miiliyoonni soddomii sadii addunyaa guutummaatti gurguramee bu’aa paawundii miiliyoona digdama galii argamsiise. Galiin argame saantimni tokko utuu hin hafin gargaarsaaf kenname; fedhiin Diyaanaas kanuma ta’a ture.

Bara 2004 keessa fedhiin namoota gargaaruu koo milkaa’uu ga’e; Dhaabbata Varjin Yuunaayit jedhamun dhaabe. Kaayyoon dhaabbatichaa hojjettoota Varjin biyyoota adda addaa jiran gurmaa’anii raakkoolee hawaasummaa furuuf akka hojjetan gochuu dha. Jijjiirama fiduu akka itti fufnu nan abdadha.

Dabalata

Jireenya koo guutuu adveenchariidhaanan jiraadhe. Yeroo hunda kaka'umsa kan na keessatti uumu chaaleenjii ofii kennee injifachuudha. Barumsin argadhe hundi kanarraa kan madde dha.

Isaanis kanneen armaan gadiiti:

Callisii godhi

Eeyyee malee lakki hin jedhin

Chaaleenjii of godhi

Kaayyoo qabaadhu

Gammadaa ta'i

Nama jijjiiramaa fidu ta'i

Of danda'i

Amanamaa ta'i

Jireenya kee guutummaatti jiraadhu

Anaaf guyyaa keessaa yeroo hunda caalaa gaariin gara galgalaati. Neekariitti galgala maatii koo waliin gammachuudhaan xarapheezaa marsinee teenyee haasofna. Odolli akka gannataa kun abjuu fi kaayyoo jireenyaa koo walitti hammatee kan qabu dha. Anaa fi Jowaan jalqaba odolicha yeroo arginu bituun kaayyoo keenya ta'e. Qarshii ittiin binnu argachuun, mana irratti ijaaruu fi bishaan gashuun wanta nu rakkisu ture. Ani takkaayyuu hin dandeenyu hin jenne. Ni yaalle; ni milkoofnes. Har'a odolichi iddootti ana, maatii koo fi hiriyoonni koo itti bashannannu ta'eera. Iddoon itti bashannanuu fi yaadu, akkasumas bakka yaadonni gurguddaan battala naa dhufan ta'eera.

Neekaritti teenisii taphachuu baayyiseera. Teenisii qofaatti qabamee waan kan biraa waan hin yaanneef yeroo gaariin dabarsa. Wanta tokko qofatti qabamuu dandeettiisaa ergaaan horadhee isa dur na rakkisu amma kitaaba dubbisuu waggaa sagalii asitti danda'eera. Duris nan dubbisan ture; kitaabota gurguddaa

garuu hin danda’un ture. Waggaa sagalii asitti garuu haala na ajaa’ibuun kitaabota gurguddaa dubbisuu danda’aan dhufe. Daddafee dubbisus rakkoo dur mana barumsaatti na mudataa turerraa kan ka’e waanan dubbisu sirriittin yaadadha. Jechoonni ciccimoon yeroo na mudatan ariitii koo akka na jalaa hir’isan hin godhu. Galumsa dubbisichaa ilaaluuudhaanin hiika isaanii bara. Ergan dubbisuu eegalee as kitaabni gammachuu guddaa naa laata. Hunda caalaa kitaabota seenaan jaalladha. Kunis fedhii arkiwooloojii na keessatti uume. Yeroo ammaa imala biyya Misiritti deemuun magaalaa durii Aleksaandriyaa qo’achuuf taasifamu maallaqaan deggeraan jira. Kitaabonnin hunda caalaa jaalladhu “Stalingrad” kan jedhamu Antoonii Biivariin barreeffamee fi “Wild Swans” kan Jung Changiin barreeffame dha.

Amma yoonaatti garuu laaptooppii fayyadamuu hin dandeenye. Namoonni blaakbeerii fi moobayiloota addaa addaa naa kennanis ani ammayyuu kanan barreessu dabtara irratti. Dabtararratti barreessuun amala koo ta’ee kan hafe dur yeroo dubbisuu fi barreessuun na rakkisu waa yeroo dheeraaf yaadatti qabachuuf yeroon carraaqaa ture dha. Yeroo amma yaada ijoo qofa dabtararratti barreesseen booda yoo na barbaachise ittiin waan haasa’ame hunda yaadadha. Amalli kun yeroo baayyee na fayyaduu danda’eera. Kanan dabtararratti barreesu haasaa namoota waliin taasifne qofa miti; yaada mataa koos nan barreessa. Wantin arguuf dhaga’u kamiyyuu yaada naa kennuu danda’a. Yaadicha yerooma sanan barreessa; booda dabtara koo dubbiseen yaada haaraa yookin yaadan irraanfadhee ture argadha. Namoonni dabtara yaadannoo akka qabaatan gorsuun barbaada. Yaadannoo qabachuun amala gaarii dha.

Akkaataa harmeen koo itti na guddiste sirrii ta’uu ammas taanaan nan amana. Ijoollee koo (Hoolii fi Saam) garuu hamma murtaa’e kanarraa adda godhee guddiseera. Addunyaa ammayyaa keessa yoo jiraatanis akkuma koo chaaleenjii of gochaa akka guddataanin godhe. Isaan jajjabeessaa malee isaan rakkisaa hin guddisne. Jowaan dubartii beektuu biyya Iskootlaandi dha; maatiin keenya maatii waliin ta’u akka ta’u gooteetti. Jireenya madaalamaa waan jiraannuuf Hoolii fi Saam jireenya gaarii jiraatu.

Kitaaaba kana keessa kan jiru hundinuu jireenyararraa waanan baradheefi amantii koo dha. Haa ta’u malee kan koo qofa miti. Namni hundi jireenyarraa barachaa adeemuun dirqama. Karoora qabaachuun eenyuuf iyyuu murteessaa dha. Barumsi

koo nama kamiifuu hojjechuu kan malu dha. Maaliyyuu ta’uu yoo barbaanne, maaliyyuu hojjechuu yoo barbaanne ni dandeenya. Jedhi, tarkaanfii isa duraa tarkaanfadhu; callisii godhi!

Odeeffannoo Dabalataa Waa’ee Riichaard Braansan

Riichaard Braansan akkuma Biil Geets, Stiiv Joobsii fi Eelan Mask’faa namoota muraasa addunyaarraa “Business Magnate” jedhamuun beekaman keessaa tokko dha. Kaampaaniin isaa Varjin kaampaanota dhibba afurii ol of jalatti hammatee jira.

Bara 2000 keessa hojii intarpranarshiippiirratti hojjete sababeeffachuun Bakiinghaam Paalaasitti ulfinni “Sar” jedhamu kennameeraafi. Bara 2002 keessa immoo odeeffannoo Biibiisiin baaseen maqaan isaa namoota gurguddoo Ingiliz dhibba tokko keessa galuu danda’eera.

Qabeenyi irraa hafaa (net worth) Riichaard Braansan akka Foorbs bara 2017 baasetti doolaara biiliyoona shan dha.

Ergaa Dabalataa (Guutuu Amsaaluurraa)

Mammaaksi warra Chaayinaa tokko “Karaan fuulduratti si eeggatu akkam akka ta’e baruuf warra deebi’aa jiran gaafadhu- To know the road ahead, ask those coming back “ jedha. Waa’ee intarpranarshiippii baruu kan dandeessu karaa sadii dha: Muuxannoo ofiirraa, Intarpranarootaa wajjin haasa’uu fi kitaabota isaan barreessan dubbisuudhaani. Waa’ee intarpranarshiippii fi walumaa galatti waa’ee milkaa’inaa kitaabonni barreeffaman dhuma hin qabani; kaan gaggaarii kaan immoo kan waa’ee hin baafne dha. Kitaabota ani jaalladhe kan si barsiisu jedhu shan mata duree isaanii kunoo armaan gaditti sii barreesseera.

1. Rich Dad Poor Dad- Robert Kiyozaki
2. Increase Your Financial IQ- Robert Kiyozaki
3. Think And Grow Rich- Napoleon Hill
4. How To Win Friends And Influence People- Dale Carnige
5. The Fountainhead- Ayn Rand

Teessoo

Gutuamsalu7@gmail.com

Facebook.com/gutuamsalu

+251 925835052

